# QAACCESSA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMAA IMALA JIREENYAA KEESSATTI

**MAQAA QORATTUU: MEETII DIRRIBAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII**

**AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII**

**GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE OROMIYAA**

# QAACCESSA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMAA IMALA JIREENYAA KEESSATTI

**MAQAA QORATTUU: MEETII DIRRIBAA**

**GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII**

**AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII**

**GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE OROMIYAA**

## Galata

Hunda dura bu'aa ba'ii jireenyaa keessa na dabarsee, sadarkaa kanaan kan na gahee hojii koo kana hojjedhe akkan xumuruuf kan na gargaaree Waaqayyoon nan galateeffadha. Itti aansuun akkaataa qorannoo geggessuu keessatti nuffee osoo hin jedhiin irra deddeebiin kan na sirreessaniifi karaa na qabsiisan gorsaakoo Addunyaa Barkeessaatiif(PhD) galanni koo guddadha. Akkasumas, maatii koofi hiriyootakoo mara jalqabaa kaasanii hanga dhumaatti wantoota na barbaachisan naaf guutuun milkaa'ina qorannoo kootiif deggersa naafgodhaan guddaan galateeffadha.

# Baafata

Qabiyyee Fuula

Galata ........ i
Baafata ........ ii
*Axereera* ........ iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1.Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 3
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 4
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 4
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 5
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 5
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 6
2.1. Yaadrimee Asoosamaa ........ 6
2.2. Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti ........ 7
2.2.1 Fayyadama Jechootaa ........ 8
2.2.2. Malleen Dubbii ........ 12
2.2.3. Gosoota Malleen Dubbii ........ 13
2.3. Sakatta'a Barruu Aantee ........ 17
2.4. Yaaxina Qorannichaa ........ 18
BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHAA ........ 19
Seensa ........ 19
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 19
3.2.Mala Qorannichaa ........ 20
3.2 1. Irraawwatama Qorannichaa ........ 20
3.2.2. Madda Ragaa Qorannichaa ........ 20
3.2.3. Iddattoo Qorannichaa ........ 20
3.2.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 21
3.3. Adeemsa Funaansa Ragaalee ........ 21
3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 22
BOQONNAA SADII: DHIHEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE ........ 23

4.1. Ibsaafi Qabiyyee Kitaabichaa ... 23
4.2. Fayyadama Afaanii ... 24
4.3. Fayyadama Jechaa ... 24
4.3.1. Jechoota Faallaa ... 24
4.3.2. Jechoota Moggoo ... 26
4.3.4. Jechoota Safuu ... 27
4.3.5. Jechamoota ... 28
4.4. Fayyadama Malleen Dubbii ... 29
4.4.1. Akkasaa ... 29
4.4.2. Arbeessuu ... 30
4.4.3. Nameessa ... 30
4.4.4. Eemitii ... 32
**4.4.5. Iddeessa** ... 32
**4.4.6. Habalaka** ... 33
4.5. Fayyadama Mammaaksotaa ... 33
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ... 36
5.1. Cuunfaa ... 36
5.2. Argannoo ... 37
5.3. Yaboo ... 38
*Wabiilee* ... 39
DABALEE ... 42
Waraqaa Mirkaneeffannoo ... 43

## *Axereera*

*Kaayyoon qorannoo kanaa asoosama 'Imala Jireenyaa' fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuun xiinxaluu yoo ta'u, qorannaan baay'een ogafaan Oromootiin gaggeeffaman, ogbarruun barreeffamaa Oromoo garuu, xiyeeffannoo waan argate hinfakkaatu. Xiyyeeffannoon ogbarruu Oromootiif kennamu dhabamuun ammoo, sirna barumsaa ogbarruu afaanichaatiif gumaachi inni taasisus xiyyeeffannaa dhabuu danda'a. Kunis dhimma fayyadama afaanii waan ta'eef. Keessumaa akkaataan barreessaan tokko afaanitti fayyadamu sirna barumsaaf ka'umsa godhachuun kan dhihaateedha. Malli qorannoo kanaa, mala akkamtaa keessaa iddattoo akkaayyootti fayyadamuun mala mit carraatiin filamee jira. Iddattoo kanaan funaanufis mala ibsaa fayyadamuun qaacceffameera. Argannoowwan gurguddoon qorannoo kanaa barreessaan afaan inni fayyadame: malleen dubbii, gosa gosaan akkaataa qabiyyee ergaa isaan dabarsanirratti hundaa'uun kaa'eera. Itti aansuunis, fayyadamni jechootaa, jechoota filatamoo, jechamoonniifi mammaaksonni jechoota barsiisuuf mijatoo waan ta'aniif qabiyyee barnoota Afaan Oromootti dabalamanii barnoota kennamu qabatamaa ni taasisu. Akka ciminaatti kan kaawamu, jechoonni bakka barbaachisaatti galuun fayyadama afaanii sirriiti kan hawasasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti fayyadamu ta'uu isaati. Akkasumas haala yeroo isaa wajjin walqabachuun jechoota filatamoo barreessaan asoosama kanaa itti gargaarame ciccimoofi sirriitti nama ibsuu danda'anitti gargaarameera. Akka dadhabinaatti kan ilaalaman ammoo, barreessichi darbee darbee sirna tuqaaleefi dogoggora qubee akkasumas, jechoota safuu hin eeggannetti gargaaramuu isaa mul'ateera. Akka furmaataatti kan kaa'ame, seenaa, aadaafi duudhaa, amantiin fayyadama jechootaa barreessaan waan dhihaataniif osoo gumii dagaagina ogbarruufi Afaan Oromoo manneen barnootaa keessatti barattoota hirmaachisan barumsa dabarsuu danda'a. Barreessaan asoosama isaa keessatti qubeessuufi sirna tuqaalee fayyadamuu irratti xiyyeeffannaa osoo kenne gaariidha. Akkasumas, jechoota filatu keessatti jechoota safuu hawaasaa eeganiifi fudhatama qabanitti utuu gargaarame aadaa fayyadama afaanichaa babal'isuu danda'a.*

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1.Seenduubee Qorannichaa

Fayyadama afaanii kan jedhamu naamusa ogummaa afaanii irratti xiyyeeffatu ta'ee akkaataa afaan itti fayyadamnuu ittiin barannu, ittiin ergaa dabarfannufi addunyaa ammayyaa keessatti tajaajila irra ittiin olfannuudha. Afaan hammuma beeknu itti fayyadamna malee tajaajilli afaan nuuf kennu haala hubannoo keenyaatiin ol ta'uu ni danda'a; sababni isaas tajaajilli afaan dhala namaatiif kennuu danda'u danuu waan ta'eef akka salphatti ibsuufi lakka'uudhaan kana sana jennee dubbachun ulfaataadha.

Akkuma addunyaatittuu Afaanootni miliyoonaan lakka'aman jiraatanis hawaasni addunyaa kanaa sababoota akka quphannaa lafaa, aadaa, duudhaa, siyaasaa, amantaafi diinagdee isaanii waliin gaggeeffatu irraatti hundaa'uun afaan dhuunfaa dhuunfaa isaanii qabu. Hawaasumti afaan tokko dubbatan sababoota haala keessatti fayyadaman, sababa fayyadamaniifi iddoo itti fayyadaman giddu galeessa godhachuun afaanuma waliin dubba tan sana bifa garagaraatiin jechootafi haasaa Afaanichaatti fayyadamuu nidanda'u; kanaafuu fayyadama Afaanii jechuun haala qabatamaa jiruufi jireenya isaanii keessatti akkaataa hawaasni tokko Afaan isaanii itti gargaaramu jechuu dandeenya.

Kana malees itti fayyadama Afaanii jechuun haala hawaasni tokko afaan gargaaramuun hojii tokko hojjatuudha. Kunis ergaa afaan waan tokko hojjachuuf kan gargaru ta'ee, namootni haala haasawa guyyaa guyyaa keessatti dhimmoota akka daldaala, qonnaa, falmii siyaasaafi diinagdee keessatti kan fayyaduuudha.

Fayyadamni afaanii karaa Afaanitiin walitti dhufeenyi yeroo taasifamu, namni tokko yookaan hawaasichi looga Afaanichaa keessaa isa kam akka fudhatu agarsiisa. Kana jechuun eenyuu inni jedhu eenyummaa nama sanii irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, kunis dhiira ykn durba,ijoolleeykn nama guddaa,kan barate ykn kan hin baratiin nama jireenya sadarkaa olaanaa qabu ykn nama jireenyi isaa sadarkaa gadi aanaa irra jirufi kan kana fakkatu ta'uu danda'a. Eenyuuf inni jedhus eenyummaa nama dubbatamuuf yookaan haasa'an taasifamuuf sana kan ilaallatuudha. Kunis akkuma armaan oltti ibsameetti saala,urmii,sadarkaa barumsaafi sadarkaa jireenyaairratti kan hundaa'e ta'uu danda'a. Namootni lamaa kan sadarkaan wal gitaniifiwalhin ginne ta'a. Yemmuu kana jedhuu yeroo itti dubbiin sun taasifamu kan ilaallatu yoo ta'u, kunis galgala, ganamafi

kkfta'uu danda'a. Eessatti kan jedhu immoo iddoo haasaan sun itti gaggeeffamu agarsiisa. (Fishman, 1971)

Dhalli namaa haasaa keessattis ta'ee barreeffama keessatti akkaataa afaanitti fayyadamu qaba. Haasaa keessatti haala keessa jirurratti hundaa'ee gabaabsuun, haqaaquun, haquufi kan kana fakkaatan dhimma itti ba'a. Kunis kan xiyyeeffatu, haala haasaan keessatti taasifameefi namoota haasaa sana taasisan irratti hundaa'eeti.(Fairclough, 1992). Itti fayyadamni afaanii barreeffama keessaa garuu, kanarraa adda ta'uus wal fakkaachuu danda'a. Kan adda taasisu yaada dhiyaate, sochiilee qaamaaatiin deggeruun dhiyeessuu dadhabuudha. Kun ammo, haala idilummaa qabu keessatti seera barreeffamaa eeguun barreeffamuu akka qabu agarsiisa. Bakka barreessaan hinjirreetti ofiin of ibsuu akka qabuutti dhiyaachuu qaba.(Nunnan, 1989). Tokkummaan haasaafi barreeeffama keessatti afaanni dhimma itti ba'amuu garuu, lamaanuu haala keessatti dhimma baasan qabaachuudha. Kana malees, lamaanuu jechamoota, malleen dubbiifi afoolatti gargaaramuu danda'u.(Wodak, 2001).

Asoosamni, kan akaakuu ogbarruu barreeffamaa ta'ee, akkaataan afaan itti dhimma ba'u kan haasaa ta'ee, kan barreeffama idilee irraa adda ta'uu mala. Akkan muuxannoo koorraa argutti, seera afaan barreeffamaa hineegu. Silaa akka barreeeffamaan dhiyaatuuf, seera afaan barreeffamaa eeguu qaba ture. Seera afaan dubbiis hineegu. Barreessitoonni seerota afaan dubbiis ta'e kan barreeffamaa waliin makanii dhimma itti ba'u.

Fayyadamni afaanii dhimmoota siyaasaa, dinagdee, amantii, aadaafi, hawaasa keessatti haala garaagaraan waamamuu danda'a. Karaa biraammoo fayyadamni afaanii, jiruufi jireenya dhala namaa keessatti komii, shakkii, jajuu, mormii, bashannana, gadda, gammachuufi waan kana fakkaatan hawwaasni ittiin dhimma ba'udha. Kanaafuu, fayyadamni afaanii jireenya dhala namaa irraa osoo adda hinba'in kan jiraatuufi jireenya guyyuu dhala namaa wajjin kan walsimatudha.(Beekan, 2015:2-7).

Walumaagalatti, namootni yeroo afaanitti fayyadaman haala tajaajila afaanii iddoo yookaan haala keessa jiran san beekuufi beekuu dhabuun walqunnamtii gahaa taasisuu irratti dhiibbaa geessisuu danda'u. Hawaasni haala adda addaa keessatti maaliif fayyadama afaanii garagaraatiin akka dhimma bahan, fayyadamni afaanii tajaajila akkamii akka kennu, kutaa hawaasaa garagaraa biratti ergaa akkamii akka qabu baruuf immoo; gaaffilee bu'uura xiinqooqaa hawaasa eenyuuttu,

eessatti, maaliif, haala akkamii keessatti akka fayyadaman beekuun barbaachisaadha. Qorannoon kun asoosama mata dureen isaa ‘Imala Jireenyaa’ jedhu keessatti akkaataa afaan dhimma itti ba’an addaan baasee, ibsuu yaala.

**1.2. Ka’umsa Qorannichaa**

Afaan barreeffamaa keessaa ogbarruun dhugaa hawaasaa keessa jiru akkuma jirutti waraabuun kan dhihaatu miti. Fakkeessuun, mi’eessuun, haala nama ofitti hawwatuun dandeettii dhuunfaa barreessaa irratti hundaa’uun kan dhihaatuudha. Akkasumas, hawaasni tokko ogbarruu mataasaa akka qabaatu godha. Haala walfakkaatuu, hayyuun Brumfit fi Carter(1996) yoo ibsan, “Biyyoota guddachaa jiran keessatti ogbarruun sirna barnootaa keessatti hammatamuun guddina afaanichaatiif gahee olaanaa qaba.” Jedhu. Kunis, asoosamni gosa ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko waan ta’eef, akkaataa fayyadama jechootaa eessatti argamuufi qabiyyeen isaa barnoota afaanichaa keessatti hammatamuun guddina afaanichaaf gahee olaanaa qaba.

Asoosamni qaama ogbarruu keessaa tokko ta’ee jiruufi jireenya namaa, iccitii hawaasa tokkoo, haala ittiin bulmaataa kan ittiin ifa baasuudha. Barreessaan tokko hojii isaa keessatti qabiyyeewwan adda addaa makuun kan barreessu,wantoota hawaasa keessa taajjabe, ilaale, adda baasee, muuxannoo seenaa dhugaa fakkeessuun kan ibsuufi namootas bo’aarsaa barumsa dabarsuudha.Kanaaf, egaa hojii kalaqaa tahee dhugaan hawaasicha keessa jiru haala jiruufi jireenya hawaasichaa daawwitii ta’ee kan agarsiisuudha. Kunis, barreessaan asoosamaa dhugaa inni ka’umsa godhatee barreessu jechootaafi yaadota inni qindeessee ittiin miidhagsee haala miira dubbistootaa harkisuu danda’utti mi’eessee barreessuudha. Kunis akkaataa afaanitti fayydamuuni.Barreessitoonni asoosamaa adda addaa kaayyoo mata mataa isaanii irratti hundaa’anii waan barreessaniif fayydama afaanii irratti xiyyeeffannoo kennu. Ittidabaluunis, dubbisaan tokko haala galumsa barreeffama asoosichaa hubachuu kan danda’u akkaataa fayyadama asoosichaa keessatti tajaajilu ergaa isaa addaan baasee yoo hubate qofaadha.

Xiyyeeffannoon qorattuus afaan barreeffamaa irratti yoo ta’u, kunis asoosama yeroo amma barra’aa jiran keessaa kan Gaasharee Abdiisaa dhiheenya barreesse mataduree ‘Imala Jireenyaa’ jedhu keessatti fayyadama afaanii barreessichaa bu’uura godhachuun qaaccessa. Kunis, xiyyeeffannaan gama kanaan jiru gadi bu’uu danda’a yaaddoo jedhu waan sammuu qorattuu keessa jiruuf. Kun ammoo, sirna barumsaa ogbarruu afaanichaatiif gumaachi inni taasisu xiyyeeffannaa dhabuu danda’a. Keessumaa akkaataa barreessaan tokko afaanitti fayyadamu sirna

barumsaatiifis ta’e kitaabilee isa booda barreeffamaniif gumaacha qabaachuu danda’a. kanaafuu, qorattuun kanarratti gaggeessuuf kan kakaase asoosama ‘Imala Jireenyaa’keessatti fayyadama afaanii dhihaate xiinxaluun gumaacha oliitti tuqaman taasisuu danda’a abdii jedhuudha.

Kanamalees, gara fuula duraatti xiyyeeffannoon barreesitootaafi dubbistoota ogbarruu barreeffamaa keessaa asoosama irratti akka xiyyeeffatan gochuu danda’a. Hubannaa kanarraa ka’uun, xiyyeeffannoo qorattuu harkiseetti hojii barreessaa Gasharee Abdiisaa fayyadama afaanii asoosama isaa irratti gaggeessuufkakaate.Kanas, asoosmni kun gama fayyadama afaaniitiin qaacceffamnaan gumaacha inni barnoota irratti qabu addaan baafachuurratti gahee guddaa taphata. Kanuma irraa ka’uun qorannoon kun gaaffilee armaan gadii deebisuuf yaala.

- Itti fayyadama afaanii asoosama ‘Imala Jireeenyaa’ jedhu keessa jiru maal fakkaata?
- Qabiyyeen itti fayyadama afaanii asoosamicha keessaa kan akkamiiti?
- Itti fayyadamni afaanii asoosama ‘Imala Jireenyaa’ jedhu keessaa ergaa akkamii dabarsa?

**1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa itti fayyadama afaanii asoosama mata dureen isaa ‘Imala Jireenyaa’ jedhu keessaa ibsuudha. Kaayyoowwan gooreen qorannoo kanaa ammoo, akka armaan gadiitti ta’u:

- Itti fayyadama afaanii Asoosama matadureen isaa ‘Imala Jireenyaa’ jedhu keessa jiru maal akka fakkaatu ibsuu.
- Qabiyyeen itti fayyadama afaanii asoosamicha keessaa kan akkamii akka ta’e adda baasuu.
- Itti fayyadamni afaanii asoosama ‘Imala Jireenyaa’ jedhu keessaa ergaa akkamii akka dabarsan agarsiisuu.

**1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa**

Hojiin qorannoo kanaa erga raawwate booda bu’aalee niqaba. Bu’aaleen isaas, qorattoonni barreeffama kana ka’umsa godhachuun qorannoo biraa akka qorataniif nigargaara. Namoota asoosama keessatti fayyadama afaanii beekuu barbaadan nicimsaa. Gara fuulduraattis qorattoota kallattii kanaan hojjechuu fedhaniif ka’umsa ta’uu danda’a. Wantoota barreeffama asoosama kana kessatti hin sakatta’amne akka sakatta’amaniif gargaara.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Ogbarruun Oromoo bal’aafi damee hedduu kan ofjalatti hammatuudha. Kanneen keessaas muraasni: ogwalaloo, asoosama, diramaafi barruuleefaa maqaa dhahuun nidanda’ama. Haaluma kanaan, asoosamoonni Afaan Oromoo hedduu keessaa barreessaa adda addaan barreeffamaa jiran keessaa asoosama ‘Imala Jireenyaa’ kan  Gasharee Abdiisaa barreesse bara 2013 akka lakkoofsa Itoophiyaatti maxxanfame irratti kan gaggeeffame yoo ta’u, gama qabiyyeen ammoo, fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuun kan qaacceffamudha. Akkasumas, yaaxxinaalee asoosamni tokko ittiin xiinxalamu keessaa fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuun asoosamichi daangeffameera.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Hanqinni qorannoo yeroo qorannoon gaggeeffamu wantoota qorannicha keessatti osoo hojjetamuu qabanii hin hojjetamiin hafaniidha. Kana ibsuun ammoo, qorataan sana booda dhufullee hanqina jiru hubatee irratti gadifageenyaan akka hojjechuu qabu kan mul’isuudha. Kanaaf,  irra guddeessaan hanqina qorannoo kanaa kan ta’ehanqina yeroo irraan kan ka’e, Kan barbaadameenol gahuu dhiisuu isaati.Kanamalees, dhiphinni yeroo, hanqinaaleeqorannoo kanaa ta’ullee, qorattuun hanga danda’ametti qorannicha hiikaqabeessa gochuuf hanqina kitaabolee afaan adda addaa irraa hiikuun ittifayyadamteetti.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaan kun, barruuwwanqorannoo kanaanwalqabataniifi aantee ta'an kanaan dura hojjetaman of keessatti hammata. Haaluma kanaan, boqonnicha jalatti, yaad-rimee asoosamaa, qabiyyee asoosamaafi fayyadama afaanii asoosama keessatti kanneen akka: fayyadama jechootaan, malleen dubbii, jechamootaafi mammaaksota, akkasumas, sakatta'a qorannoowwan aantee ta'an duraaduuba isaanii eeganii ibsamu.

## 2.1. Yaadrimee Asoosamaa

Asoosamni dameewwan ogbarruu keessaa tokko ta'ee tooftaa barreessuu namoonni dhugaa irratti hundaa'uun kalaqa sammuu isaanii baasanii ittiin mul'isaniidha. Kalaqni barreeffamu sunis dhugaa addunyaa kanaa hordofee kan adeemuudha. Waa'ee asoosamaatiin walqabatee. Fedhasaa (2013:67) akkas jechuun hiika, "Asoosamni ergaa yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenyaa keessatti kaasee kan mul'isuudha."

Akka yaada kanaatti, muudannoofi mufannoo namni tokko haala jiruufi jireenya isaa keessatti mul'isuuf sammuu barreessaa keessatti kalaqamee bifa itti dhihaatuudha. Karaabiraatiin ammoo, asoosamni dhugaa hawaasaa keessatti bu'uureffachuun kalaqaa sammuu barreessaa kan dabalatuudha.Kana ilaalchisee, Asafaa (2009:125) yoo ibsu, "Barreessaan asoosamaa tokko, dhugaa jiru irratti hundaa'ee amala sansakkaa hubannoofi kan kana fakkaatan namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattoota uffisee ergaa isaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsuudha." Jedha. Kanajechuun, wanta hawaasa keessatti calaqqisu asoosamaan ibsama.

Seeneffamoota tokko tokko guutummaan guututti dhugummaan isaanii amansiisuu baaatus dhugaa irratti kan hundaa'aniifi gamiisaan dhugaa kan ta'an fakkeenyaaf hojii kalaqa sammuu kanneen seenaa darbe irratti xiyyeeffatanii barra'anii asoosama keessatti hammatamuu malu.

Qabiyyeewwan Asoosamaa gama Ogbarruu Oromoonis haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan ibsuufi kan mul'isuudha. Kanas, karaa barreeffamoota asoosamaa arguu dandeenya. Asoosamni gadda, gammachuu, ilaalcha, muuxannoofi kan fakkaatanittiin ibsachuuf barreeffama. Kana malees, namoonni asoosama kan barreessaniif dhugaa hawaasa keessa jiru ittiin ilaaluuf, ittiin xiinxaluuf, ittiin beeksisuuf akkasumas, haala jiruufi jireenyta hawaasa tokkoo ittiin walbira qabuun waldorgomsiisuuf gargaara. Kunis, haala ittiin bulmaata hawaasichaa kan mul'isu ta'ee, xiyyeeffannoo karaa adda addaan mul'isuu danda'a. Kunis, xiyyeeffannoo qabiyyee gama ergaa, qindoominaa, faayidaa kennuu, akkaataa barreeffamichaa, fayyadama irratti ta'uu danda'a.

Barreessaan tokko tokko ergaa barreeffamichaa irratti, inni  kaan immoo, qindoominaafi caasaa irratti xiyyeeffachuu danda'a. Barreeffama asoosama tokko keessatti xiyyeeffannoon fayyadama afaanii karaa adda addaan mul'achuu danda'a. Isaan keessaa muraasni: ergaa barreeffamichi kennu irratti ta'uu danda'a. Haaluma kanaan, barreeffamni asoosamaa dhaamsa qabiyyeewwan garaagaraatiin dabarsuu danda'a. Isaan keessaa kanneen asoosamni 'Imala Jireenyaa' ofkeessatti qabatee jiru qabiyyeewwan gadda, jaalala, siyaasa, aadaa, amantiifi akkaataa waliin jireenyaa kan tokko tokkoon armaan gadiitti ibsamaniidha:

Qabiyyeewwan gadda mul'isan kanneen jennu barreeffama asoosamaa keessatti qooddattoonni waliin dubbii keessatti miira gaddaa isaan itti mul'isan irratti kan hundaa'eedha. Kun ammo, hawaasa keessa jiraannu keessatti wanta nama qunnamuudha. Haaluma kanaan, waan barreessaan irratti xiyyeeffatee barreesse kan mul'isu hojii qooddattootaan mul'ata. Akkuma gaddi jirugammachuun jiraachuu isaati.

Wantoota hawaasicha keessatti jibbaman aadaa,fi safuu hawaasaa cabsan  barreeffama asoosama kana dubbisuun irraa baruun nidanda'ama. Kunis, wanti yaada kanarraa hubatamu, hawaasni Oromoo amaloota badaa dhabamsiisuuf wantoota hawaasicha keessa fudhatama qaban akka itti fufaniifi fayyadama afaanii  gama ogbarruu guddisuutiin jireenya hawaasummaa cimsuun gama dinagdee guddisuu keessatti ogbarruun gahee guddaa qaba.

Gama hawaasummaatiin ogbarruun kan hawaasaati hawwasnis ogbarruu malee aadaa, duudhaa, safuu hawaasichaa calaqqisuu hindanda'u. Duudhaafi safuu hawaasichaa kabajuun jiruufi jireenya gaarii jiraataniif barumsa nikenna. Hawaasni Oromoo, barruu kana dubbisuun jiruufi jireenya keessatti mudatan ittiin barsiisa. Gama biraatiin ammoo, ogbarruun barreeffamaa gadda, gammachuu, ilaalchaafi amantii, wantoota hawaasa biratti jibbamaniifi aadaa hawaasichaa cabsan balaaleffachuun dhimma baanuudha.

### 2.2. Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti

Jiruufi jireenya dhala namaa keesssattis ta'e barreeffama keessatti fayyadamni afaanii barbaachisaadha. Dhalli namaa yaada waljijjiiree kan walqunnamu afaanitti gargaarameeti. Afaan kun ammoo, haala dubbiifi barreeffamaan nugargaaruu danda'a. Gama kaaniin, fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaan iddoo adda addaa keessatti qabuudha.

Haaluma kanaan, Isuma (1996) “Fayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawaasaa waliin qaban kan agarsiisu” jechuun ibsa. Fayyadamni afaanii, adeemsa nama dhuunfaafi hawaasaa kan hammatuudha. Kunis, yaadrimee fayyadama afaanii haala hawaasaa kamiyyuu keessattibeekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu giddu galeeffachuu qaba. Kanas, walqunnamtiihawaasichaa faana hariiroo qabaachuu isaati. Fayyadama afaanii yoomessa murtaa’e tokkotti ragaa baay’ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanichaa irratti namni sun qabu kan hammatuudha. Walff (2000) “Fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee akka yoom, eessatti, maaliif, akkamitti, maaliin, eenyuuf gaaffilee xiinqooqa hawaasaa walqabatan kaasuun hubachuun danda’ama” jedha. Kana jechuun, afaan hawaasni fadayyadamu haalawwan akkamiifi yoomessa akkamii keessatti akka gargaaramuu danda’amu kan mul’isuudha.

### 2.2.1 Fayyadama Jechootaa

Barreeffamni tokko haalaan qindaa’ee hiika akka kennu gochuuf, akkasumas miira dubbisaa akka harkisuuf jechoonni fayyadamnu murteessaadha. Jechootni kunis bifa garaagaraan hima yookaan barreeffama keessatti argamuu danda’u. Isaan kunis, hiika walfakkiin, hiika galumsaan, hiika faallaa, hiika sirriifi dhokataa akkasumas, bifa jechamaan ta’uu danda’u. Barreessitoonni tokko tokko naa ta’a jedhanii jechoota kalaqanii yoo barreessan nimul’atu. Haata’u malee, maaliif  barreessaan jechoota akkasiitti gargaarame jedhamee qeequun hindanda’amu. Garuu, jechoonni uumamaan barreessaafi dubbisaa gidduu waliigaltee ogummaa ogbarruu akka hinballeessine ofeeggachuun barbaachisaadha. Kana malees, ergaa dabarsuu barbaade dubbistoota isaabiraan gahuuf  jechoota gargaarame adda baasee beekuu qaba.

Bareessaan tokko hojii ogbarruu isaa rakkoo  malee akka ofii barbaadu gochuuf baay’ina jechootaa yookaan jechootaan kan badhaadhe ta’uu qaba. Baay’ina jechootaa qabaachuun qofti garuu, yaada ofii sirriifi akkaataa ifa ta’een dabarsuu dhiisuu danda’a. Kana jechuun  jechoota hiika sirrii kan jennu jechi tokko uumamaan  hiikni isaa kan beekame kan namni hunduu itti waliigale moggaasa ganamaa jechuu yoo ta’u, hiikni dubbii ammoo, jecha hiika sirrii  irratti rarra’ee kan muuxannoo uummataa wajjin deemuudha.

Haaluma kanaan, fayyadama jechaafi amala galumsaa hubatee jechoota barbaachisoo bakka barbaachisaatti gargaaramuu danda’a. Karaa biraatiin, jechoonni qofaa dhaabbatanii ergaa ifaa tahe dabarsuu dhiisuu danda’u. Sirrii yookaan sirrii miti jechuun hin danda’amu. Ergaa guutuu

dabarsuu kan danda’an barreeffamicha keessa galaniidha. Sirriifi ta’uu dhiisuu isaanii kan beekaman bakka galanitti ergaa dabarsuufi dhiisuu isaanii ilaaluuni.

Jechonni akkaataa barreeffama keessatti hiriiraniin ergaa isaan qaban adda adda ta’uu danda’a. Jechi tokko bakka hinbaramne yemmuu galu hiika haaraa akka qabaatu beekamaadha. Kanaaf barreessaan jechoota filachuu irratti jechoonnibakka galanitti ergaa sirrii dabarsuu isaanii mirkaneeffachuu qaba.

Haaluma kanaan, fayyadama jechootaa harki caalu asoosama keessatti argaman:

Filannoo jechootaa jechuun kanneen fayyadama jechootaa keessaa tokko ta’ee, jechoota duraan fayyadamnu caalaa jechoota muraasa fayyadamuun yaada ifa ta’e dhiheessuu waliin kan walqabatuudha. Kun hawaasa keessa jirru waliin kan walqabatuudha. Haaluma kanaan, kitaaba asoosamaa ‘Imala Jireenyaa’ keessatti fayyadamni afaanii kannneen akka filannoo jechootaa adda addaa fayyadamuun mul’ata.

Ogbarruu barreeffamaa keessatti filannoon jechootaa murteessaadha. Kunis asoosamoota Afaan Oromoo barreeffaman keessatti filannoon jechootaa kan jiruufi jireenya hawaasa tokkoo sirriitti ibsuuf itti gargaaramnuudha. Karaa biraatiin, filannoon jechootaa barreeffamni tokko hawwataafi miira dubbistootaa harkisuu akka danda’u kan godhuudha. Barreessaan barreeffama isaa keessatti kana hinfayyadamu taanaan barruun isaa miidhagina qaba dhaba.

Barreessaan asoosamaa yaadasaa dabarsachuu isaatiif akka meeshaatti kan gargaaru afaani. Bu’uurri afaanii ammoo, jechoota waan ta’aniif afaaniin yaada ofii ibsachuuf ammoo qindoomina jechootaafi walhidhiinsi jechootaa barbaachisaadha. Waan ta’eef, hima tokko dhugummaa qabaachuufi dhiisuuf jechoonni iddoo isaanii yookaan hiriira isaanii qabachuun hima sanaaf murteessoodha. Kanaafidha filannoon jechootaa barreeffama keesssatti barbaachisaa ta’eef.

Hojii ogbarruu keesssatti filannoon jechootaa sirriitti kan ittifayyadamuu qabuudha. Sababnisaas, wanti barreeffamaan dhihaatu tokko akka isa dubbiin dhihaatu sosochii qaamaatiifi mallattoon deeggaramee dhimma dhihaatu sanaaf carraa hinqabaatu waan ta’eef, yeroo barreeffamaa ergaa darbuuf guutummaan guututti ittigaafatamummaan isaa kan jechootaati jechuudha. Jechoonni barreeffama tokko jaallatamoo yookaan jibbamoo godhuu danda’u, barreessaan jechoota sirriitti

hin ibsineetti yoo fayyadame, yaadni dabarsuu barbaade harca'ee hafuu danda'a. Kanaaf, jechoota sirrii filachuurratti barreessaan kan xiyyeeffachuu qabuudha.

Filannoo jechootaa kunis jechoota hiika kallattii qabaniifi jechoota hiika dhokataa qaban jedhamuun bakka lamatti ilaaluun nidanda'ama. Asoosamni qorannaa kanaaf filamees jechoota hiika kallattiifi dhokataa waan qabuufiyaada ergaan isaa dafee hubatamuufi xiinxala gadifageenyaan ergaan isaanii kan hubataman qabu jechuudha. Haaluma kanaan, ogbarruun barreeffamaa jechoota hiika irrakeessaafi hiika wabeessaa nigargaaramu. Fayyadamni jechootaa asoosama keessatti karaa ifa ta'een ergaa barbaade akkuma dabarsu, hiika wabeessaa niqabaata. Lyons(1995) akka ibsutti, "Hiika wabeessaa jechuun hariiroo jechi takko wantoota yookaan taatee hawaasaan qabu calaqqisa". Kanarraa wanti hubatamu, fayyadama afaanii keessatti jechoota aadaa hawaasa keessa jiru fayyadamuun ergaa barbaade dhugaa yookaan taatee jiruun walbira qabee ibsa jechuudha.

Jechoota moggoo jechuun akka aadaa Oromootti kanneen maqaa walfakkaatu agarsiisa. kun ammoo, moggummaa unkaati malee, kan hiikaa miti. "Moggoon kunis walitti dhihaata malee guutummaatti tokko ta'uu hin danda'u. Guutummaatti hiika tokko qabaannaan isaan jechoota garaagaraa ta'uu hin danda'an." Addunyaa(2014). Akka yaada kanaatti jechootni walfakkaatan hiikni isaanii walitti siqan haaqabaatan malee hiika waan tokkoof kenname isa kanbiraaf kan kennamu miti. Kanaaf, hiikni guutummaa guututti tokko yookaan moggaasa waan tokkoof tokko ta'e hinjiru jechuudha.

Haaluma kanaan, hiika jechootaa irratti barreessitoonni asoosamaa xiyyeeffannoon ilaaluu baannaan yaada dubbistootaa burjaajessuu danda'a. Kanaafuu, xiyyeeffannoon barreessaa hiika jechootaarratti qabu murteessaadha. Jechoota kanas jechoota filatamoo barreeffamichi gargaarame ta'uu danda'a. Jechootni faallaa yaada faallaa kan qabaniidha. Yaadonni faallaa karaa adda addaan ibsamuu danda'u. Addunyaa (2014:112) "Jechoonni faallaa kanneenjennu walitti dhufeenya jechoota walmorkatan lama gidduu jiruudha"Jechoota kanas, karaa adda addaan arguu danda'ama. Isaanis, jechoota faallaa keessatti jechoota siyaasa agarsiisan arguu dandeenya.Yeroo baay'ee barreessaan barreeffama ogbarruu keessatti haala garaagaraan tajaajilama. Kunis, asoosama keessatti bifa dhokataa ta'een yeroo itti dhimma bahaamuutu mul'ata.

Barreessaan barreeffama isaa keessatti jechoota adda addaa waan adda addaaf itti gargaaramuu danda'a. Jechoonni kun kallattiin yookaan alkallattiin waan jedhamuu yookaan waan dabarsamuu barbaadame kan mul'isaniidha. Jechoonni siyaasaa yemmuu barra'an sirriitti ilaalamuu qabu. Sababnisaas, yaadni barreesssaan dabarsuu barbaaduufi akkaataa dubbisaan hubatu wal fudhachuu waan qabuufi. Akka fakkeenyaatti, asoosamicha keessaa kan fudhatame akka armaan gadiitti ibsameera.

Jechoonni galumsaa ammoo, jechoota haala adda addaan barreeffama keessatti hiika kennuu danda'u. Kunis akkaataa barreessaan ergaa dabarfachuu danda'uun gargaaramuun isaa barreeffama isaa keessatti arguun danda'ama. Haata'u malee, isaan kana dubbisaan dafee hubachuu dhiisuu danda'a. Sababni isaa, akkaataa bareessaan itti yaadee barreesseefi dubbisaan hubatu tokko hinta'u. karaabiraatiin jechoonni bakka garaagaraa himas ta'e barreefama keessatti galanii jiraniin hiika galumsaan qabaniin kennu. Akkasumas, akkaataa fayyadamaatiin adda adda ta'uu danda'u. kunis akkaataa hima tokko keessatti hiika kennuufi akkaataan hima biroo keessa galee hiika kennu garaagara ta'uu danda'a. kunis akkaataa galumsaan ergaa barabaadaame dabarsuudha.

Jechoota safuu kanneen jennu jechoota afaan kamiyyuu keessatti baratamee haala adda addaa irraan kan ka'e hawaasni jechoota akkuma fedheen maqaa kan hin dhoofne nijira. Jechootni kunneen baratameerraan ka'uun maqaa dhahuun namatti waan hintolleef akka saalfiitti ilaalamu. Jechoota safuu ta'an kan hawaasa Oromoo biratti laguu ta'aniidha.

Kunis dhoksaan malee ifatti baasuun hindubbataman. Geetaachoo (2011:34 ) akka ibsutti "Afaan kamiyyuu keessatti baratamee haala adda addaa irraan kan ka'e hawaasni jechoota akkuma fedheen maqaa kan hindhoofne nijira. Jechoonni kan barameerraa ka'uudhaan maqaa dhahuun namatti waan hintolleef akka saalfiitti ilaalama." Akka yaada kanaatti jechoonni bakka bu'uu dadhaban osoo hin taane namatti waan hin tolleef akkasumas, jechoonni saalfii sammuu nama dubbatu qofaa keessatti miira gaarii hin qaban.Waan ta'eef, itti fayyadamuun hinbarbaachisu. Kana jechuun, jechoonni bakka bu'uu dadhabana osoo hintaane namatti waan hintolleefi. Darbees, hawaasa itti gargaaramu keessatti akka laguutti waan itti amanamuuf.

Jechamni yaada dhokataa of keessaa qabuun sammuu namaa kan qaruudha. Kanaafuu, jecha, gaaleefi hima qofaa dhaabbatee yaada bal'aaf sammuu namaaa affeeruu jechuun nidanda'ama.

Akkasumas, jechamni dubbii hawaasni cina galaan dubbatuudha. Akka rakkoon irra hin geenyeef yaada dhokataan jechootatti fayyadamee waan jechuu barbaade hima. Namni dhaggeeffatu ammoo, haalaan walqabsiisee xiinxaluun hiika isaa dhokataa argata. Kanaafuu, hiikni jechamaa hawaasa keessatti beekama.

Jechama Oromoos yoo fudhanne hawaasichatu ittifayyadamuun dubbii kooba. Kanarraan kan ka'ees, hawaasichaan alatti hiika hin qabaatu. Waa'ee jechamaa ibsuufi ija hawaasichaan xiinxaluun barbaachisaadha. Dhimma maaliifi haala akkamii keessatti akka fayyadamu hubachuun sadarkaa jechamni itti argamu hubachuuf nufayyada.

Harcourt (1994:216) keessatti yoo ibsu "An idiom expresion whose meaninng is particular to the language or differs from the individual meaning of its element'' jedha. Kunis, hiikni jechamaa dubbataa afaanichaaf malee, hiika namni dhuunfaan itti kennu miti. Kana jechuun hiikni jechamni sun kennu dubbataa afaanichaan malee kan namni kamuu hiiku miti.

Haaluma kanaan asoosama keessatti jechamatti gargaaramuun ergaa barbaachisaa ta'e dhoksaa kanarraa hubachuun nidanda'ama. Kanaaf barreessaan barreeffama isaa keessatti jechama yemmuu gargaaramu ofeeggannoo cimaa isa barbaachisaan. Kana ta'uu baannaan walhubannaa irratti rakkoon uumamuu danda'a.

### 2.2.2. Malleen Dubbii

Namoonni kanilaalan, kandhagahan, kanqaqqaban, kandhandhaman, sammuu isaanii keessatti wanti fakkii uume nama biraatti himuuf miira isaanii nama biraatti kan itti hiran, qaama dubbiiti. Malli dubbii haala amala tokko, miira nama biraatiif ykn bineensa biraaf kennuun yookaan walfakkeessuunwaldorgomsiisuun dhiheessa.

Karaa biraatiin,Warrinnier(1982:352) irratti yoo ibsu ammoo,"It is figuratives when it immaginative rather than factual'' jedha. Haaluma kanaan, malleen dubbii fayyadamuun haala salphaa ta'een ergaa barbaachisaa ta'e barreessaan itti gargaaramuudha. Yaadni kun kan ibsu, dhugummaa yaadaa tokkoo kallattiin ibsuurra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa yookaan dhaggeeffataa keessatti kan mul'isu ykn kan kaa'uudha.

Akkasumas, malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti gahee olaanaa qaba. Addunyaan (2013:208) yoo ibsu, “Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta’een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsuudha. Yaada kanarraakan hubannu malleen dubbii asoosamichaa keessatti qaama barbaachisaa ta’ee haala salphaa ta’een ergaa kan dabarsuudha’’jedha. Akka yaada barreeffama kanaatti, mala dubbii fayyadamnu wanta tokko karaa namaaf hubatamuu danda’utti salphisee dhiheessuu danda’uudha. kan jechuun haala namaaf galuun karaa walxaxaa hin taneen kandabarsuudha.

Malleen dubbii fayyadama afaanii keessaa tokko ta’ee ergaa barbaachisaa ta’e haala dubbisaan gadifageessee hubatutti kan dhiheessuudha. Kanas dhalli namaa jireenya isaa keessatti wantoota mudatan ittiin ibsachuuf ittifayyadama.Haaluma kanaan, barreeffama asoosamaa keessatti bifa garaagaraan kaa’a.Akkasumas, barreessaan jechoonni hiika dhokataa akka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataa uumuun hubannoo dubbistootaa hawwata. Xiyyeeffannoon hiika jechoonni kallattii qaban irraa maqee yeroo fayyadu dubbii qolaan ibsama. Jechoonni haala kanaan fayyadanis malleen dubbii jedhamu.

ogbarruu tokko jaallatamaa kan godhu ergaa keessasaatti baate qofaa osoo hin taane miidhagina afaan ergaa isaa ittiin dabarsatu yeroo qabaatuudha. Afaanichi miidhagina qaba taanaan akkaataan ergaan itti darbu hawwataa taanaan ogbarruuchi jaallatamummaa qaba jechuudha. Kana kan godhu ammoo, fayyadama dubbiiwwan qolaa barreessichaati jechuudha.

### 2.2.3. Gosoota Malleen Dubbii

Fayyadama afaanii irratti hundaa’uun barreessaan ogbarruu malleen dubbii akaakuuwwan hedduutti qooduun kaa’u. Qoodamiinsa malleen dubbii ilaalchisee Harcourt (1994:216) akkas jedha, “The shief figures of speech are: simile, metapher, hyperbole, personification,para dox, allusion,”akka yaada kanaatti gosti malleen dubbii kunis, akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuu, eemiti, walqabsiisa jedhamanii hiikamanii jiru.

Malleen dubbii kunis, ogbarruu barreeffamaas fayyadama afaanii asoosama keessatti barreessaan gargaarame haala akkamiin hawaasni itti gargaaramaa akka jiru ibsuu danda’a. Akka kitaaba kanaatti afaan hunduu mala dubbii kan fayyadamuufi garuu, afaan garaagaraa ta’uun akkaataa fayadama isaa garaagara akka ta’u taasisa.

Walumaa galatti, malleen dubbii maqaa adda addaa haaqabaatu iyyuu malee, yaada kalaqaa yookaan haala nama hawwatuun fakkii wantootaa, xiyyeeffannoo barbaadanii walbira qabanii ibsuun karaa salphaa ta'een suuraa kaasu. Kun ammoo, namni tokko wanta isa bira hinjirre haala salphaa ta'een akka hubatuuf isaan gargaara. Ogbarruun barreeffamaa kunis malleen dubbiitti fayyadamee ergaa, gorsa, jajjabina, hacuuccaa, roorroo, diddaafi kan kana fakkaatan gadifageenyaan ibsa.

Gosoota malleen dubbii qorannoon kun irratti xiyyeeffatu: akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuu, eemiti, fakkoommiifi walqabsiisa fa'i.

Gosootni malleen dubbii kanas:

Akkasaan dorgomsiisaa wantoota lamaati. Kana jechuun jechoota akka, fakkaata, gaha, amma, caala jedhaman gargaaramuun waldorgomsiisa. Barreessaan wanti tokko akka waan biraa akka ta'eetti fayyadamuudha. Haaluma kanaan, wantoonni waldorgomsiisamanis gosaan adda adda. Garuu, akkasaan walfakkeenya tokko karaa dhokataa ta'een ibsa. Karaa biraatiin, maladubbii kan waa lama haala walfakkii muraasaan kan waldorgomsisee dhiheessuudha.

Addunyaa (2013:208) "Akkasaan ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon walcina qabuun dhiheessuudhaan akka salphaatti hubatamu kan taasisuudha". Kana jechuun wanti walbira qabnee dhiheessinu tokko kan hawaasa biratti beekamaa ta'ee ta'uu akka qabu ibsu.

Karaabiraatiin, ammoo, dubbii qolaa akkasaa kana yemmuu dorgomsiisnu walitti siqeenya wantootaan walbira qabuun kan madaalaa deemnuudha. Kunis haala dubbisaa hawwachuu danda'uun ta'uu qabu. Kana ta'uu baannaan, dubbistoonni yaada burjaaja'e horachuu danda'u.

Iddeessi gosa mala dubbii ta'ee wantoota wal hinfakkaanne lama waldorgomsiisuuf fayyadamuudha. Kana ilaalchisee Kennedy ( 1987:495) akka ibseetti, " Iddeessi wanta tokko wanta walhinfakkaanne yookaan walhin ilaallanneen bakka bu'uu isaa ibsa. Kana jechuun wanti amalaan, bifaan, gochaafi kanneen biroon walhinqabanne bakka walbu'uun kan umamuudha." jedha. Kana jechuun iddeessi wanti tokko waan biraa ta'uu isaa kan ibsuufi kan barreeffamni sun jedhe akka hin taane lafa kaa'a. Haaluma walfakkaatuun, barreessaan waan tokko bakka waan biroo buusee ykn waanuma sana taasisee waamuun hiika dhokse mul'isa.

Nameessa kan jennu wantoota nama hintaane bineensota, lubbuuqabeeyyii, lubbuu dhabeeyyii waan namni godhu, dubbatu, yaadu akka waan nama ta'anii kana hundaa raawwatanitti gochuun nama fakkeessuun bifa itti dhihaataniidha. Kunis, dandeettii barreessaan barreeffama isaa keessatti calaqqisu irratti hunda'a. kana jechuun dandeettii fayyadama jechootaa barreesichi qaburratti hunda'a. Kanas, Addunyaa (2014:211) yoo ibsu, "Wantoonni akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan, kan taasisu fayyadama afaaniiti" jedhu. Kanaafuu, fayyadama afaanii keessatti amala namootaa wantootaafi lubbuqabeeyyii biroof kan kennuudha.

Arbeessuun waa'ee waan tokkoo dhugaan ta'ee olitti garmalee gurra guddisanii dubbachuudha. Kineessuun ammoo, faallaa isaati. Kunis waan tokko garmalee xiqqeessanii yookaan salphisamanii dubbachuudha. As keessatti wantoonni garmalee guddifamanii yookaan xiqqeeffamanii ibsamaman Yeroo baay'ee kan ta'uu hindandeenyeedha. Karaa biraatiin, wanti garmalee guddisnee yookaan garmalee xiqqeessinee ibsinu kan gurra dubbisaa biratti dhugaa hinfakkaanneedha. Yaadonni bifa kanaan ibsaman jechoota wantoota ittiin ibsinu waliin kan deeman ta'uu qabu. Sababnisaa, yoo kana ta'e dubbistoonni miira bareedaan simachuu kandanda'aniif.

Fakkoommiin mala dubbii asoosama keessatti wanta tokko ykn dhugaa ta'e tokko karaa haala salphaa ta'een namni hubachuu hin dandeenyeen ykn wanta ifatti mul'atu tokkoon dhoksanii ykn bakka buusanii ergaa dabarsuudha. Kana ilaalchisee, Melakneh (2006:146) irratti yoo ibsu "Symbolism is the representation of reality on one level of a reference by corresponding reality it is adominant literary device in the novel" jechuun ibsa.

Kana jechuun, barreeffama asoosama keessattimala dubbii fakkoommii kan jedhamu wanta dhugaa ta'e tokko kan yaada bal'aafi waan bal'aa ta'e bakka bu'uun dhugummaa waan sanaa kan mul'isuudha. Dabalataan, Isuma (2006:65) kitaaba isaa keessatti akka kaa'utti, " Symbol is a thing could be an object, person, situation or action which stands for some thing else more abstract for example, our flag is a symbol of our country." Yaada kana irraa akka hubatamutti malli dubbii kun wantoota, namoota, haalotaa yookaan gochaawwan kanneen yaadota hinmul'anne ta'aniin kan darbuudha.

Fakkoommiin meeshaa, nama, haalaafi gochaa kan kana fakkaatan irra caalaa wanta qabatamaa hintaane kan bakka bu'uudha. Kan bakka bu'u sun yeroo baay'ee qabatamaa kan ta'eefi garuu arguu kan dandeenyu ta'ee kan bakka bu'ame garuu, yeroo baayee arguun kan hindandeenyeefi qabatamaa, fakkoomni ogbarruu yaada barreeffama ogbarruu keessatti kaa'uun kan walqabatuudha.

Eemiti keessatti ammoo, wanti raawwatamudhugaa qabaatus haalli duubaan jiru faallaa isa jedhamuuti. Wantoota sirriifi sirrii hintaaneetu walfaana hiriira jechuudha. Kunammoo, aadaa keenya keessatti fuggisoo jedhama. Gama biraatiin, Shaw(1972:275) "Eemitii keessatti ergaan darbuu barbaadame kallattiin osoo hin taane faallaadhaani. Hima yaada walfaallessu garuu,kan dhugaa ta'eedha" Jedha.

Kana irraa kan hubatamu, gochi yookaan wanti eemiti keessa jiru kan wanta walfaallessu lama ofkeessaaqabaachuu issaaniiti. Barruu kana keessaa bakka muraasatti malli dubbii fuggisoo nimul'ata.

Walqabsiisa kun mala dubbii keessaa tokko ta'ee haala wantoonni adda addaa hawaasa biratti beekaman kanneen akka: aadaa, safuu, amantii, duudhaa kan ittiin walqabsiismanii ija barreessaatiin ibsamaniidha. Yaada kana;

> *Ogbarruu keessatti barreessaan yaada barreessu sana waan biroon walqabsiisee,barreessuu danda'a. kunis, aadaan, siyaasaan, jiruufi jireenyaan, amantiin, haala uffannaafi iddoon ta'uu danda'a. Haata'umalee, kana beektoonni karaa sadiin ilaalu: Walqabsiisa seenaa(historical allusion), walqabsiisa aadaa(cultural allusion), walqabsiisa amantii(biblical allusion)* jedha.(Fedhasaa, 2013:97-99).

Kanneen armaan oliitti caqafaman kana yemmuu ibsaman,Walqabsiisa seenaa jechuun, barreessaan tokko barreeffama isaa keessatti wantoota seenaan walqabataniin akkaataa walqabannaasaatiin barreessuu danda'a. walqabsiisa aadaa keessatti aadaan naannoo tokko tokko maal akka fakkaatanillee barreessaan asoosama isaa keessatti dhimma bahuun barreessuu danda'a. Walqabsiisa amantii kan jennu ammoo, amantiin walqabsiisuun wantoota amantiin walqabatan keessa galchuun ergaa dabarfachuu barbaade dhimma bahuu danda'a.

Barreeffama qorannoo kana keessatti irra caalaatti malleen dubbii gosa gosaan nimul'atu. Isaan kunis miira dubbistootaatti kan dhihoo jiraniidha. Akkaataa jechoonni mala kanaaf qinda'anillee

midhagina kan qabaniidha. Barreessitootaaf bareeffamni isaanii hawwataa akka ta'u godhu. Kana jechuun, barreeffama kana namni dubbisu akkaataa jechoonni mala dubbii uumuu danda'aniifi dandeettii barreessichaa jara kana irratti xiyyeeffachuu isaa kan mul'isu ta'uu isaa irraa hubanna.

### 2.2.4. Mammaaksa

Mammaaksi afaaniin kan dubbatamu ta'ee ilaalchaafi muuxannoo hawaasa tokkoo kan mul'isuudha. Akkasumas, mammaaksi jireenya uummataa wajjin kan walqabatuudha.

Dhimmoonni uummata ilaallatan hunda ofkeessaa qaba. Dhimoonni kunis, wantoota naannoo sanatti argaman waliin walqabsiisuuf kan mammaakamuudha. Mammaaksi haala salphaan akka qabatamuuf wantoota naannoo keenya jiran waliin walqabsiisuun dhimmoota hawaasaa keessatti argamukan of keessatti qabatuudha. Gama biraan, mammaaksi dubbii gabaabsuuf kan itti gargaaramnu ta'ee muuxannoofi muudannoo, aadaafi duudhaa, siyaasa ibsuuf gargaaramna.

Haaluma kanaan, namoonni dubbii isaanii gabaabsuun akkasuma. Barreeffamoota ogbarruu keessatti barreessaan mammaaksa nigargaarama. Barreessitoonni barruu isaanii keessatti mammaaksa dabaluun barreeffamichi miidhagina akka qabaatuufi miira namaa akka kakaasu godhu. Kunis, yaada bal'ina qabu tokkko walitti qabee dimshaashessuun bifa ergaa ittin dabarfatuudha.

## 2.3. Sakatta'a Barruu Aantee

Iftoomina qorannookoof qorannoo kanaandura hojjetaman keessaa kanneen mata dureekoon walitti siqeenya qabu jedhee tilmaamu kan Afaan Oromoon dalagaman ilaaluu yaaleera. Haa ta'u malee, qorannoo fayyadama afaanii asoosama irratti kan digirii lammaffaatiin hojjetame hanga ammaatti hinargine. Ta'us, kanneen hanga tokko firooma qabaachuu danda'u jedhu keessaa:

-Qorannoo "Itti Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Daandii Keessatti" mataduree jedhu Mulugeetaa(2013) barruu eebbaa digirii lammaffaa ittiin guuttachuuf kan dhihaatedha.

-Qorannoo "Qaaccessa Asoosama 'Aarsaa' Fayyadama Afaanii Irratti Xiyyeeffachuun" jedhu Kadir(2016) waraqaa qorannoo digirii lammaffaa guuttachuuf muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii yuunivarsitii Finfinneef dhiyeessee jira.

Qorannoonkoo ammoo, asoosama ‘Imala Jireenyaa’ xiinxaluu yemmuu ta’u, xiyyeeffannoonkoo ammo itti fayyadama afaanii keessaa:malleen dubbii, filannoo jechootaa, jechoota mogoo, faallaa, jechamoota, jechoota safuu, mammaaksota caalmaan kitaabicha keessatti argaman yemmuu ta’an, qorannoo kana kan warra armaan oliiwaliin tokko taasisu hunduu fayyadama afaanii irratti hojjetamuu isaaniiti.

### 2.4. Yaaxina Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuudhaaf yaaxxina qorannoo sana deeggaru bu’ureffachuun murteessaadha. Yaaxxina jechuun adeemsa og-barruun tokko ittiin xiinxalamu yemmuu ta’u, faayidaa og-barruu, walitti dhufeenya barreessaafi barreeffamichaa, dubbisaa, hawaasaa, seenaafi afaan ittiin barreeffamee kan calaqqisiisuudha. Qorannaan kun yaaxxinaalee hayyoota adda addaatiin kaa’aman keessaa yaaxxina fayyadamummaa gargaaramuun kan dhihaateedha. Haaluma kanaan, yaaxxinni fayyadamummaa kun kan bu’uureffame hayyuu biyya Jarmanii

Wittingstein (1953) hiika waan tokkoo beekuuf ergaa yookaan fayyadama waan sanaa beekuun barbaachisaa akka ta’e ibsee jira. Fayyadamni kun ammoo, dhugaa hawaasa keessatti mul’atu waan ta’eef, dhugaa jiruufi jireenya namaa keessa jiru miidhagsee akka jirutti kan dhiyeessuudha. Kunis, kallattii gama siyaasaan, diinagdeen, jireenya hawaasummaafi kanneen dhugummaan hawaasa keessatti calaqqisuun ibsamuudha.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHAA

**Seensa**

Mataduree kana jalatti kanneen ibsaman qorannoo kana geggeessuuf mala qorattuun fayyadamtudha. Isaanis: saxaxa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, madda ragaaqorannichaa, mala iddattoo, meeshaalee funaansa odeeffannoofimala qaaccessa ragaaleeofkeessatti kan qabateedha. Akkasumas, malli qorannoo kun haala wantoonni irrattiargaman ilaalchisee odeeffannoo qabatamaa kennuufis nigargaara.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxa qorannichaa ibsuuf akka Addunyaa(2011:63) barreessetti,“Saxaxni qorannichaa waliigalaa qorannichaa to’ata. Kunis, qorannichi maal fakkaata, maalirratti bu’uureeffate gaaffiiwwan jedhan irratti saxaxa kana jalatti deebii argachuu qabu,’’ jechuun kaa’eera.

Haala ibsa kana irratti hundaa’uun, saxaxa qorannichaa murteessuuf qorannichi akkaataa fayyadama afaanii haala asoosama ‘Imala Jireenyaa’ keessatti xiyyeeffatu akkaataa dubbiiwwan qolaan, himoonni dhihaatan, faayidaadhaaf oolanii jiran kan akkamiitii isaanii qaaccessuuf waan ta’eef saxaxni qorannichaa addeessaadha. Kan ibsame xiinxala barruu ta’uu isaarraa kan ka’e, mala akkamtaatiin(qualitative method) kan ibsameedha.

Qorannoon kunis, kitaaba asoosama ‘Imala Jireenyaa’ keessatti fayyadama afaanii irra caalaatti asoosamicha keessatti mul’atan funaanuun mala ittiin dhihaatu qaba. Haaluma kanaan, qorannoon kun akkaataa fayyadamni afaanii itti dhihaateefi madda odeeffannoo irraa xiinxalaan funaanuun qabata ogbarruu saayinsiitiin walbira qabuun kan xiinxalamuudha.

Sababni kunneen ammoo, hojii qorannichaa kan mala ibsaafi mala xiinxala barruutiitiin dhimma bahamudha. Malleen kanneen filachuun kanbarbaachiseefis qorannoo kana gadifageenyaan ibsuuf waan gargaaraniif.

### 3.2.Mala Qorannichaa

Malli qorannoo asoosama matadureen isaa ‘Imala Jireenyaa’ keesssatti qorattuun qorannoo kanaa kan gargaaramtu mala akkamtaati. Sababa mala kana filatteefis akkamtaan mala qorannoo tokko gadifageenyaan hubachuu irratti gahe guddaa kan taphatu waan ta’eefi.

#### 3.2 1. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa kitaabilee asoosama Afaan Oromoo yeroo dhihoo as barraa’e kan Gasharee Abdiisaa kan bara 2013A.L.I. mataduree ‘Imala Jireenyaa’ jedhu irratti xiyyeeffate. Filannoo irraawwatama qorannichaa ta’ee kan jiruudha. Sababni isaa, ragaan barbaachisu asoosamicha gadifageenyaan dubbisuun kan funaaname waan ta’eef.

#### 3.2.2. Madda Ragaa Qorannichaa

Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaa irratti kan xiyyeeffateedha. Kanaaf, qorattuun qorannoo kanaa qaaccessa haala fayyadama afaanii asoosama mataduree “Imala Jireenyaa” jedhu irratti kallattumaan sakatta’a asoosamicha irratti waan gaggeessituufi. Dabalataanis, kitaabota adda addaa dubbisuun akka ragaatti fayyadamti.

#### 3.2.3. Iddattoo Qorannichaa

Qorannoo keessatti iddattoofi iddatteessuun barbaachisaadha. Kanaafuu, isaan dhiheenya kana barra’an hunda isaanii irratti qorannicha adeemsisuun ulfaataa ta’uurra darbeeyyuu, qorataan tokko qorannoo isaa yemmuu geggeessutti kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan taheef iddattoo filatamerraa odeeffannoo argamuun bu’uura godhachuun argannoo isaa qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun nidanda’ama,’’ jechuun Addunyaa(2011:65) akka ibsutti qorattuunis kitaaba asoosamaa Gasharee Abdiisaa barreesse kan matadureen isaa ‘Imala Jireenyaa’ jedhu keessatti mala iddatteessuu mit carraatiin iddattoo qorannichaa taasifachuun kanfilameedha. Akkaataa fayyadama afaanii asoosama kana keessatti caalmaan argamu addaan baasuun qaacceffameera.

Haaluma kanaan, qorattuun qorannichaa mala iddattoo mit-carraa keessaa, iddatteessuu kaayyeffataatti dhimma baate. Sababa mala kana filatteefis, mala iddatteessuu kaayyeeffataan

beekumsa dhimmicha irratti qabdurraa kaatee kanneen odeeffannoo irraa argachuu dandeessu murteessuu ilaallata.

Kanaafuu, qorattuun kaayyoowwan ishee fayyadama afaanii adda baasuufi xiyyeeffannoon fayyadama afaanii kun maalirratti akka ta'e kan jedhurratti hundaa'uun kallattii adda addaan xiinxaluuf mala odeeffannoo funaansa sakatta'a kitaabaa gochuun qorattuun qorannoo ishee gaggeessite.

### 3.2.4. Meeshaalee  Funaansa Ragaalee

Qorannoo tokko adeemsifamu keessatti ragaan yookaan odeeffannoon qorannoo bu'uurumaan malaafi meeshaalee ittiin funaanuu qaba. Yaada kanarratti ragaa hayyootaan yoon deeggaramu, Dastaa (2013:83) "Qorannoon kamiyyuu ragaadhaan deeggaramee gaggeeffama. Ragaan yookaan bu'uura qorannoo ta'e kanaa kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf mala ittiin funaanamu qaba.''Jechuun ibsaniiru. Yaada kana bu'uura godhachuun odeeffannoon qorannoo kanaa kitaaba asoosama 'Imala Jireenyaa' keessatti fayyadama afaanii mul'atan funaanuun waan qaaccessuuf meeshaalee funaansa ragaalee keessaa sakatta'a dookmeentii gaggeessuun qorattuun meeshaa funaansa odeeffannoo gargaarame keessaa asoosama  filatame irra deddeebi'uun gadifageenyaan erga dubbiseen booda ragaalee qorannichaaf gargaaran: fayyadama afaanii asoosamicha keessaa irra caalaatti kan barreessichi itti gargaarame hojiikoof ragaa ni ta'ukan jedhu adda baasee fudhachuudhaan qorannichaaf dhimma ba'a.

## 3.3. Adeemsa Funaansa Ragaalee

Ragaaleen kaayyoo hojii qorannoo kana galmaan gahuuf itti gargaaramu odeeffannoo madda ragaa duraa irraa funaanameedha. Adeemsa kana raawwachuuf sakatta'a barruu kitaaba asoosama 'Imala Jireenyaa'gadi fageenyaan dubbisuufi kitaabota biyya keessaafi biyya alaa addaaddaa sakatta'uun yaada hayyootaan dhugoomsuun saayinsawaa taasisuudha. Akkasumas, qorannoowwan mataduree kana irratti afaan biraan kanaan dura dalagamantu fudhatamee sakatta'ama.

Walumaagalatti, adeemsi funaansa ragaalee qorannichaa qabatamaa taasisuuf kitaabni asoosamaa dhimma qorannichaa kallattiin ilaallatuufi kitaaboleen yaada hayyootaan deeggaraman niilaalamu.

### 3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee

Malli ragaaleen itti qaacceffamus ragaaleen erga funaanamanii booda garee gareetti qooduun hiikamanii ibsa itti kennuun qaacceffama. Kana keessattis malli filatamu mala akkamtaadha. Odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaatiin funaanamanis xiinxala haala fayyadama afaanii asoosama 'Imala Jireenyaa' mataduree jedhu irratti xiyyeeffate. Ragaaleen funaanaman erga qaacceffamanii boodas dhumarratti,cuunfaa, argannoofi yaboon niibsamu.

# BOQONNAA SADII: DHIHEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti fayyadama afaanii kanneen akka jechoota moggoo, faallaa, safuu, jechamoota, malleen dubbiifi gosoota isaanii akkasumas, mammaaksonni fuula kitaabicha keessatti argamaniin dhihaataniiru. Kunneenis, raga kitaabicha keessaan kan funaanamaniifi tokkoon tokkoo isaanii hiika qabiyyee ergaa maalii akka dabarsan adda baasuun tokko tokkoon gosaa fayyadama isaaniitiin kan qaacceffamaniidha.

Haaluma kanaan, jalqaba ragaalee kana kitaaba asoosama qorannichaaf filame gadifageenyaan dubbisuun ragaalee qorannoo kanaaf nagargaaru kan jettu funaanuun himootaafi fuula kitaabichaa keessatti argaman eeruun erga gadi tarreessitee booda qabiyyee barbaadamu erga hiikoon itti kenname booda gama ergaa isaan qabaniin kunis akkaataa fayyadama jechootaafi yaadotaa barreessaatti ibsa itti kennuun dhiyaata.

## 4.1. Ibsaafi Qabiyyee Kitaabichaa

Kitaabni asoosamaa matadureen isaa ‘Imala Jireenyaa’ jedhamu bara 2013 akka lakkoofsa Awurooppaa barreessaa Gasharee Abdiisaatin kan barreeffamee maxxanfame yoo ta’u, kitaabichi fuula 105 kan qabuudha.

Asoosamni Imala Jireenyaa qabiyyeewwan garaagaraa kan akka aadaa, duudhaa, amantii, siyaasa haala jireenyaa ofkeessatti kan qabudha. Qorannoo kanaafis ragaaleen argaman, kanneen akka fayyadama jechootaa: jechoota faallaafi moggoo, jechoota safuu; malleen dubbii keessa immoo akkasaa, iddeessa, arbeessuu, nameessuu, eemitii, mammaaksa, jechamoota akkasumas, duraaduuba isaanii eeguun qaacceessameera. Haaluma kanaan, qabiyyeewwan jechoota faallaa agarsiisan malleen dubbii kitaabicha keessatti faca’anii jiran akaakuu isaaniitiin qoqqooduun qaacceessuu, filannoo jechootaa kanneen akka jechoota moggoo, faallaa, jechamoota, mammaaksota tarreessuun akkaataa fuula kitaabichaa keessatti argamaniin tokko tokkoo isaanii hiikuun fayyadama afaanii qabiyyee dhihaate keessa jiru, akkaataa barreessaan ergaa dabarsuu barbaadeen hariiroo barreeffamichaafi eenyummaa qooddataan walqabsiisuun kan qaacceeffamaniidha. Akkasumas, akka ragaan mala funaansa ragaalee sakatta’a dookimantii yookaan asoosama qorannichaaf filame ibsutti, qabiyyeewwan ragaa asoosamichaa funaanamanii bakka itti dhihaataniidha.

## 4.2. Fayyadama Afaanii

Ogbarruu barreeffamaa keessatti akkaataa afaan itti gargaaramnu fayyadama afaanii jedhama. Kunis, barreessaan tokko barruun isaa jaallatamaafi hawwataa akka ta'u yoo barbaade afaan inni gargaaramu murteessaadha. Kun ammoo, guddina ogbarruu Oromootiif gumaacha inni godhe hangana hinjedhamu. Kanaaf, barreessitoonni qabiyyee isaan irratti hunda'anii barreessaniifi fayyadamni afaanii isaan gargaaraman addatti eenyummaa qooddattootaa ibsuu danda'a. Barreeffama asoosamaa keessatti fayyadama afaanii barreessaan gargaaramu kanneen akka filannoo jechootaa, malleen dubbii, mammaaksotaafi kan fakkaatan lafa kaa'uun nidanda'ama. Kanaaf, barreessaan tokko fayyadama afaanii qabiyyee isaan ofkeessatti hammatan waliin walqabsiisee barreessuutu irra jira. Kun kan gargaaru, dubbisaan barreefama isaa dubbisu miira gaariin dubbisuu danada'a. Miira kana kan fiduuf  jechoota barreessaan fayyadameedha. Kunis bakka ifa hintaanetti mala dubbii fayyadamuun yaadicha caalaatti ifa akka ta'u godha.

## 4.3. Fayyadama Jechaa

Fayyadamni  jechootaa ogbarruu barreeffamaa keessatti bifa al idileen osoo hintaane idileetiin kan dhihaataniidha. Jechoonni kun galmee jechootaa keessatti kanneen argamaniifi irra caalaan isaanii kanneen guyya guyyaan itti fayyadamaa oolluudha. Jechoonni akkasii kun ammoo, waaltina Afaan Oromoo keesstti gahee guddaa taphatu.

Akkasumas, jechoonni kunneenis guddinaafi bilchina sammuu hawaasaaf bakka olaanaa qabu. Haaluma kanaan, fayyadama jechootaa karaa adda addaan ibsuun danadama. Haata'u malee, xiyyeeffannaan qorannoo kanaa fayydama jechootaa kanneen asoosamicha keessatti caalmaan argamaniidha. Isaan kanas, jechoota filatamoo barreessaan karaa adda addaan gargaarame akkaataa hiika irra keessaafi dhokataa isaan dabarsan irratti hundaa'uun jechoota kanneen akka: jechoota moggoo, faallaa jechootaa, jechoota safuu, jechamoota, akkaataa garaagaraan himootas ta'e barreeffama asoosamichaa keessatti dhimma bahamaniin xiyyeeffannoo hiikaafi dhaamsa isaan dabarsuu barbaadaniin irratti hundaa'uun armaan gadiitti hiika itti kennuun qaacceffamaniiru.

### 4.3.1. Jechoota Faallaa

Jechoonni faallaa walitti dhufeenya jechootaa akkaataa hima keessatti galuun ergaa yookaan dhaamsa barbaadame dabarsuu danda'een kan dhihaateedha. Jechoota faallaa kanatti gargaaramuun akkaataa isaan dhaamsa dabarsan irratti hundaa'uun armaan gadiitti himoota

keessatti akkaataa fuula kitaaaba asoosamicha keessatti argamaniin tartiiba ittiin dhihaatan eeguun qaaccefama.

(1 )

> …*kaniccitiin kun galeef, ganamumaan akka dorgommii keessa jiru hubatee dorgommiisaa eegala. Kan hingalleef, guyyaafatee akka dorgommii keessa jiru hubata. Kaan gofaa dorgoma; kaan ammoo waliin waliin dorgoma. Yoo waliin imalan human godhatu, hamilees argatu. Yoo imalan jabaan laafaa jajjabeessa. Laafaan ammo jabaa ilaalee human godhachaa hunduu waliin imala. Gaafa waliin imalan gufuu nama dhooftus niigufatu malee, hinkufan*…(fuula 1).

Akkuma (2)jalatti dhiyaatetti jechoonni faallaa barreessichi fayyadamee ergaasaa ittiin dabarfachuu barbaade argameera. Jechoonni faallaa kunis, roobni garmalee roobuuf akka jedhu hubachiisuuf jecha, samiifi lafti duumessaan uwwifamee akka jiru fakkii sammuu dubbisaa keessatti uumuuf jedheeti. "… guyyaa dafinoo waaree booda samiifi lafti duumessa ulfaataan walitti duudhee bokkaan hamaan calaqqeefi kakawween wal make dhikkisaa roobaa ture reefuma qaqqallataa jira..."(fuula 11)

(3) Walaloon armaan gadii hafee asoosamicha keessaa fudhatame yoo ta'u, barreessaan asoosamichaa jechoota faallaa agarsiisan kanneen akka " diinaafi fira, dhadhaafi dhagaa, beekaafi wallaalaa, garaagarummaa," jedhu ni argamu. Kun immoo miidhaa karaa biraan isarra ga'u, jechoota kanatti fayyadamuun ibsachuu isaa nu hubachiisa.

> *…diinni fira jedhee namatti rigataa*
>
> *dhadhaa nutti hixataa dhagaa afaan nuka'a…*
>
> *… wallaalaa gorfachuuf,*
>
> *beekaa gabbifachuuf,*
>
> *dadhabaa tikfachuuf,*
>
> *garaagarummaa hambisuuf,*
>
> *tokkummaa jabeessuuf,…* (fuula 27-28)

(4)

*…yoon si duukaa bu'e najalaa <u>sokkita</u>*

*Yoon sidhiisee deeme ofiif na<u>hordofta</u>…*

*Yookaan <u>tole</u> jedhi*

*Yookaan <u>dide</u> jedhi…*(fuula 82)

Himicha keessatti kan walfaana hiriiran jechoota faallaa waliiti. Himicha keessatti kan walfaana hiriiran jechoota faallaa waliiti. 1-4 irratti jechoonni: qofaa_waliin, jabaa_laafaa, samii_lafa, diina_fira, dhadhaa_dhagaa, wallaalaa_beekaa, garaagarummaa_tokkummaa, hordofta_sokkita, tole_dide, jedhaman faallaa walii kan ta'aan argina. Kanaaf, xiyyeeffannoon barreessaa jechoota faallaan qabee yaada gara fuulduraatti seenaa asoosama sana imalchiisuu yaada dandeessisu qabaachuu isaati.

### 4.3.2. Jechoota Moggoo

Moggoo jechuun jechoota hiika wafakkaataa qaban kan agarsiisaniidha. Moggummaan kunis kan walitti dhihaatan malee guutummaatti tokko ta'uu hin danda'an. Addunyaa (2014:112) O'Grady (1996:234) wabeeffachuun akka ibsanitti,

"Synonyms are words or expresions that have the same meaning in some contexts. Although , it is easy to think of contexts words have the same meaning and there are alsocontexts in which their meanings diverge at least slightly." Jedha. Yaadni kun akka mul'isutti jechoonni hiika walfakkii qaban waan hundaan tokko ta'uu akka hindandeenye agarsiisa. Haaluma kanaan, jechoota galumsa tokko keessatti hiika walfakkii qabaatan iyyuu, unkaan jechoota sanaa tokko miti. Haaluma kanaan, jechoonni himoota gadii keessatti argamanis akkaataa ibsameen kan hiika yookaan ergaadabarsaniidha.

1: … Lafti <u>barii</u> <u>barraaqa</u>; simbirroonni tokko tokko waca eegalanii…jiru. Dukkanni halkanii waan ifaan mo'atamaa jiru fakkaata…(fuula 4).

2: "…nama hubatee ilaaleef Warqiin harmeedhuma keenyatu <u>cite lafa deema</u>…yoo kolfitu, yoo dubbattuufi yoo nunyaartu <u>qurruxiidhuma</u> haadha keenyaati..." (fuula 47).

3: "…'yaa waaqayyo garaa kootii nadhowwattee, namaseensitee jedhee siqiirsee hinbeeku, garuu dhala namni naafkenne maaliif najalatti dhibdee lama naboossiftamoo?' jettee waaqatti boossi." (fuula 51).

Fuula armaan olii keessatti (4, 47, 51) ammoo, jechoota himoota moggoo qabantu mul'ata. Isaanis, barii_barraaqaa, dukkannii_halkanni, qurruxiidhuma_cite lafa deema, namaseensitee_garaa kootii nadhowwattee, jedhaman jechoota waliif moggooti. Barii jechuun wayita ganama lafti ifudha. Jechi barii wajjin moggoo ta'emmoo jecha barraaqa jedhudha. Akkasumas, dukkkanniifi halkanniis hiika tokko kanqaban, yeroo ifi hinjirre ykn yeroo hirribaa jechuudha. Kana malees, nama garmalee wal fakkaatuuf qurruxiidhuma yookaan cite lafa deema jedhama. Dubartiin dhala hingodhanneen garaatii dhabde yookaan maseentuu(yeroo baay'ee horiif malee namaaf hinjedhamu) jedhama. Kanaaf, jechoota akkasii barreessaan fayyadamuun asoosama isaa kana keessatti dhimma itti ba'eeera.

**4.3.4. Jechoota Safuu**

Jechoota safuu ta'an kan hawaasa Oromoo biratti laguu ta'aniidha. Fayyadamuun hinbarbaachisu. Fakkeenyaaf, 'Bakakkaa dha'e' jechuu irra,'itti gammade' yoo jedhame irra caalaatti kan hawaasa biratti safuu eeggate ta'a. Haaluma kanaan, jechoota safuu ta'an kan barreessaan asoosama 'Imala Jireenyaa' keessatti dhimma bahe akka armaan gadiitti dhiyaata.

1: "… Abbaan Guutuu nama umurii quufe haa ta'an iyyuu malee harka qallina dulluma keessa itti dhufte irraan kan ka'e wallaansa ga'aa yerootti argachuu dhabuun akka guyyaa itti gabaabse hunduu ni beeka."(fuula 57).

2: "…'anaanoo waaqatu dhabduu nagodhee naboochisee isinoo maaliif osoo dhala qabdanuu…' osoo jettee hinfixin imimmaan ishee…"(fuula 15).

3: "…qaamni ijoollee inni hammannaa harmee bare abootteе haadha biddeenii dadhabe." (fuula 43).

Himoota Jechoota Safuu qaban fuula 57,15,43) ni argamu. Fakkeenyaaf, fuula 57 irratti, abbaan Guutuu umuriin deemera yookaan dulloomeera jechuurra, barreessichi "umurii quufe" jechuudhaan fayyadame. Haaluma walfakkaatuun, fuula 15 irratti "dhabduu na godhe" jechi jechuufi, fuula 43 irrattis jecha "haadha biddeenii" jedhan fa'a kun, hawaasa keessatti jechoota

safeeffatamanidha. Dhabduun dubartii dhala godhachuu hindandeenyedha. Haadha biddeeniin immoo, haadha lammaffaa kan taate jechuudha. Akka aadaa Oromootti haati warraa yoo abbaa warraa isheen walhiikan yookaan ammo yoo duutee, abbaan warraa ammo lammaffaa yoo fuudhe ilmaan haadha warraa duraa, nadheen lammaffaa sanaan haadha biddeenii jedhanii waamu.

Gama safuu hawaasaa eeguutiitiin, hawaasni Oromoo aadaa duudhaa, amantii, safuu mataa isaa kan qabuudha. Kanaaf, barreeffama kana keessatti jechoonni barreessaan itti fayyadame kan hawaasichaan walqabatuudha.

**4.3.5. Jechamoota**

Jechamni jechoota adda addaa lama kan uumamuufi jechoota qindaa'an keessaa jechoota hiika addaa qabatee yaada addaafi dubbiin kan ibsamu fayyadama afaaniiti. Jechamni jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf fayyaduu danda'u. Jechamoota kana hubachuufis beekumsa aadaafi afaanichaa qabaachuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, jechamoonni odeeffannoo kitaaba asoosama 'Imala Jireenyaa' jedhu keessatti argaman qabiyyeewwan adda addaa irratti xiyyeeffatu. Kunis, sodaa, roorroofi hadhaa akkasumas, ciinqii, injifannoo kan agarsiisaniidha.

1: "…daakuu bishaan lixxe…"(fuula 9).

2: "…koomeerra dhaabbatanii…"(fuula 65).

3: "…afaaniifi funyaan…"(fuula 98).

4: "…gurra muree…" (fuula 18).

5: "…quba hinqabu…" (fuula 29).

Jechamoonni armaan olii hawaasni waliin dubbii guyyuu taasisu keessatti kan itti gargaaramudha. Fuula 9 irratti jechamni "daakuu bishaan lixxe" jechu kun, waan bu'aa dhabe tokko ibsuuf kan itti tajaajilamedha. Akkasumas, fuula 65, 98, 18fi, 29 irratti jechamoonni kunneen hiika mataa isaanii qabu. Isaanis: koomeerra dhaabbatanii jechuun baay'ee jarjaran yookaan ariifatan jechuudha. Afaaniifi funyaan jechuun, walitti dhiyoo jechuudha. Gurra mure jechuun, maqaa balleesse jechuu yoo ta'u, quba hinqabu jechuun immoo, odeeffannoo hinqabu jechuudha. Barreessaanis jechamoota kanneen fayyadamuudhaan ergaasaa dabarsuu danda'eera.

### 4.4. Fayyadama Malleen Dubbii

Asoosama ‘Imala Jireenyaa’ keessatti dubbiiwwan qolaa adda addaa kunneen tajaajila garaagaraaf dhimma bahamanii jiru. Dubbiiwwan qolaa kunneen faayidaa maalii asoosamicha keessatti akka qaban armaan gadiitti qaacceffamaniiru. Kana jechuun gama kallattii kanaan qabiyyee ergaa dabarsuu barbaadan sanaatiin kan dhihataniidha. Gosoonni mala dubbii barreeffamni asoosamaa kanatti dhimmoota garaagaraa kanneen akka gadda, gammachuu, aarii, garajabina, hacuuccaafi roorroo, ilaalcha olaantummaa, aadaa, duudhaafi k.k.f  agarsiisuu danda’aniin ibsamaniiru. Maloonni kunis, akkasaa, iddeessa, arbeessuu, nameessa, eemitii, fakkoommii fa’i. Malleen dubbii kanas tokko tokkoon akkaataa isaan ergaa dabarsaniin himootaafi fuula kitaaba asoosamicha keessatti argaman eeruun armaan gadiitti duraa duubaan qaacceffamaniiru.

#### 4.4.1. Akkasaa

Akkasaan jechoota akkaafi fakkaata jedhaman gargaaramee wantoota lama walbira qabee kan ibsuudha. Haaluma kanaan, barreeffamni asoosama kanaa mala dubbii akkasaatti fayydamuun, barreessichi kitaaba isaa keessatti yaadni isaa maal akka fakkaatuufi ergaa dabarsuu barbaade agarsiisa.

1: “Abbaankoo dheeraa <u>akka</u> birbirsaati...” (fuula 3).

2: “…adaadaan koo erga ofbartee anaan ofitti qabdee morma ishee jala na keewwattee teessi. Gateettii koorraa natti jiidhee jennaan yeroon oljedhee ilaalu sagalee dhokfattee imimmaan fuula isheerraa <u>akka</u> bokkaa gadi rooba ture…” (fuula 13).

3: “…Ijiifi qalbiin koo ishee faana rarra’ee hafe. Intala naato-qabeettii kan ijishee <u>akka</u> tiriikkaa dukkana keessaatti iftu tokko yeroo ijikoo isheerra bu’ee kaaseen yaadaan galaana jaalalaa daakuu eegale…” (fuula 62).

Akkasaan gosa malleen dubbii waan lama walbira qabuun madaaludha. Akka fakkeenya 1 irraa arginutti dheerina hojjaa abbaasaatiifi muka birbirsaa wal bira qabuun kan ibsamedha. Innis jecha, akka jedhuun kan ibsamedha. Fuula 13 irrattimmoo heddummina imimmaanii bokkaan fakkeessee barreessaan yaadasaa ibse. Akkasumas, fkn 3ffaa, fuula 62 irrattis, miidhagina intala ibsuuf ijashee ifa tiriikkaadhaan walbira qabee ergaa dabarsuu barbaade san jecha ’akka’ jedhuun kan dabarsedha.

### 4.4.2. Arbeessuu

Malleen dubbii kun kan waan tokko garmalee olkaasuun yookaan gadi buusuun kan dhihaatu yookaan gadi buusuun kan dhihaatu yemmuu ta'u fayyadama afaanii asoosama keessatti dhimma itti bahe. Barreeffama asoosama Imala Jireenyaa jedhu mala dubbii arbeessuu gargaarameera. Isaanis akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru;

1: "…buna waarii galgala sanaas anumatu danfise. Akkuman buna barakachiisee meeshaa bakka isaatti deebiseen adaadaan koo eebba natti roobsite." (fuula 18).

2:

> *… Sinseeneen dubbii qeensa qortee baaltaa dhaqna qabaa obbolaakoo warra isheetti deebi'an akka meeshaatti itti gargaaramtee abbaa keenyaafi obbolootakoo warra garaa ammatanii jireenyuma darabaa filatanii jireenya waliin wal'aansoo walqabaa jiran daran gargar fageessaafi jidduu isaaniitti diinumaa jabeessaa jira* (fuula 104).

Fkn 3: "… imimmaan ishee isa harkaa dhuka'e haxawwataa isa hafemmoo ittifataa, 'kunoo isinii fidee fudhadhaa ilmoo keessan,' jette dugdakoo qabdee nadhiibaa."(fuula 15).

Akka fakkeenya 1ffaa irraa agarrutti, nama eebbisuun waanuma jirudha. Garuu, amma fedhe yoo eebbisanillee rooba bokkaatti fakkeessuun amala arbeessuu akka qabu nuhubachiisa. Fakkeenya lammaffaa irrattis kan arginu, dubbii garmalee heddummeesuu akka waan qeensa qoruutti ibsame. Kana malees, fakkeenya 3ffaa kan fuula 15ffaa irraa fudhatame ammoo, imimmaan ijarraa gad lola'u akka waan rasaasni dhuka'utti arbeeffamuun dhiyaate.

### 4.4.3. Nameessa

Fayyadama afaanii keessatti nameessi amala namootaa wantootaafi lubbuqabeeyyii biroof kan kennuudha. Haaluma kanaan, amalli fayyadamni afaanii qabiyyee ergaa dabarsaniin, dabarsaniin akka armaan gadiitti duraaduubaan qaacceffamaniiru.

1: "…asheetni baaqelaa gormee ija baasee waan nama ilaalaa."(fuula 4).

2: "…dukkanni halkanii ifaan mo'atamaa jira."(fuula 4).

3: … *Guyyaa gaafa tokkoo bubbeen shira yaadee*

*Bosona balleessuuf akkas jedhee gaade*

*Mukeen naannoo kootii akkas wal ta'anii*

*Waliin yoo dhaabbatanii karaakoo cufanii*

*Naballeessuuf deemu humna godhatanii.*

*Dur dur soda malee asiif achi fiigee*

*Kanan fedhe ijaaree kanan fedhe diigee*

*Jiraachaatan ture akka garaa fiigee(fuula 26).*

Fkn 4:

"…biqiltuu kana qe'eedhumatti waanan oomishuuf bishaan obaasuun narakkisa ture. Bishaan dhugaatiif waraabameen hate obaasa; dheebuun biqiltuu cubbuunsaa nama qaba!" (fuula 34).

Fkn 5:

*…Olaantummaa baargamootu ifatti mul'ata. Mukeen warri kaan quucaraniitu maqaadhumaaf lakkoofsa guutuuf waandhaabatan fakkaatu. Kaan bishaaniifi nyaata dhabanii goggoganiiru; kaan immoo waan abdii kutatan fakkaatu-bosonicha gadi dhiisanii deemuuf gara xiyyootti ba'anii mul'atu. Baargamoon mataa ol baafatee bifa magariisa uffatee waan mukeen biro to'annaa jala oolche fakkaata. Ofiisaa cululuqsee mukeen biroo daalacheessee jira. Cophni baargamoo irraa cobu biqiltuu mukeen biyya keenyaa kan fuulduratti jiraachuu gosa mukeen kanaatiif abdii ta'an guggubee xoollagsuutti jira(fuula 38-39).*

Fakkeenya jalqabaarraa akka arginutti, asheeta baaqelaa akka waan nama ta'ee nama ilaalutti fakkeessee barreessaan dhiyeessee jira. Akkasumas, fakkeenya itti aanu keessatti immoo, dukkanaafi ifaaf amala namaa gonfachiisuun, yeroo dukkanni ifaaf bakka gad lakkisu, waan wal lolanii dukkanni immoo ifa mo'uutti jiru fakkeesse. Haata'u malee, kan wal lolee wal mo'u amala namaa yookiin lubbu qabeeyyiiti malee, amala ifaafi dukkanaa miti. Barreessaan wayita jecha kana fayyadamu, dubbisaan isaa suuraan yeroo ifaafi dukkanni waljijjiiruu sammuusaa keessatti uumama. Kunimmoo kallattummaan ergaan barreessaa bifa miidhagaa ta'een dubbisaaf akka daddarbu taasisa.

Fakkeenyi sadaffaas kan walaloodhaan dhiyaate, haaluma walfakkaatuun amala namaa bubbeedhaafi mukkeeniif kennamuun ni mul'ata. Kan shira yaadu nama malee, bubbee miti. Kan waliin ta'ee karaa cufan akkas jechuun itti yaadee hojjetu namadha. Fakkeenyi afuraffaanis, bifuma walfakkaatuun biqiltuudhaaf amalli namaa kenname. Kan dheebotu, nama yookaan lubbu qabeeyyiidha; kan cubbuunsaa nama qabus. Fakkeenyi shanaffaa irratti fudhatames, baargamoodhaaf olaantummaan kennamee mul'ata. Kan olaantumma fudhachuun to'annaa isaa jala waa oolchuu danda'u muka miti. Garuu, barreessaan iccitiidhaan ergaa isaa dabarsuuf jedheeti malee.

### 4.4.4. Eemitii

Malli dubbii kun fayyadama afaanii asoosama keessattjechoota eeyeefi miti kan argamu yoo ta'u, yaadaan waan wal faallessan ibsu. Addunyaa ( 2013 :212) ibsetti, "Jechi eemitii jedhu jechoota eeyeefi mitijedhan. Jechoonni kunneen faallaa waliiti maalummaa jechoonni kun dhuunfaan qaban faana bu'uun akka wantoonni faallaa walfaana dubbataman taasisuun kan itti fayyadamnuudha." Akkuma yaada kana irraa  hubatamutti yaadni hima tokkoo yookaan jechi tokko irra keessaan dhugaa fakkaatee soba kan ta'u, fakkaatee immoo dhugaa kan ta'e mul'isa. Haaluma kanaan,asoosama kana keessatti malli dubbii eemiti baay'inaan jiraachuu baatus hanga jiru keessaa muraasni isaa hariiroo jechootaatiin qaacceffameera;

Fkn : "…harmeen koo immoo <u>dheerattee</u> hinfokkifne <u>gabaabbattee</u>s hinbanne dubartii naato-qabeettii safuu beektudha,"(fuula 3).

Fakkeenya kanarraa yaada walii faallaa ta'e argina. Innis '…dheerattee…gabaabbattees…'. Yaada kanarraa yaada eeyyee fi miti jedhu of keessaa qaba. Hojjaadhaan giddu galeettii ta'uushee, kallattiidhaan jechuurra, akka dubbisaa hawwatutti barreessaan kan dhiyeessedha. Akka waliigalaatti asoosama kana keessatti barreessaan mala dubbii eemitii haalaan hinfayyadamne.

### 4.4.5. Iddeessa

Iddeessaan bakka waan tokko kan biraa buusuun sammuu dubbisaa keessatti suuraa kaasuudha. Addunyaa (2013:210) "Iddeessi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta'een wantoota waldorgomsiisa." Haaluma kanaan,  dubbiin qolaa kana keessatti qabiyyeewwan asoosamakana keessatti haala adda addaan kan mul'atuudha.

1: "…. Sodaa sammuun isaatti bilbile keessummeessu." fuula 6.

2: " …akkaataan nagaa itti nagaafattullee walumaa jalaan qorraa dhufe…" fuula 83.

Iddeessi amala waan tokkoo fuudhanii qaama biraatti uwwisuuti. Kun immoo waan walitti dhiyaachuu hin dandeenye walitti fiduudha. Barreessaan qalbii dubbisaa booji'uuf amala waan tokkoo fuudhee qaama biraatin bakka buuse. Fkn jalqaba yoo ilaalle, sodaa guddaa akka keessummeessu ibsuuf jecha, akka dubbisaan hinnuffinetti yaadasaa barreessichi miidhagsee dabarse. Kanaafuu, fayyadaama mala dubbii kana keessatti, sodaan akka waan nama ta'ee bilbilutti bakka buusuun ibse.

Dabalataanis, "…akkaataan nagaa itti nagaafattullee walumaa jalaan qorraa dhufe…" (fuula 83) kan jedhu irratti hariiroon Giroofi Suutumee laafaa dhufuusaa, qorraan bakka buuse. Kanaaf barreessan fayyaadama afaanii bakka isaa irraati erga isa dubbiisaaf waan qoodef akka ciminaatti ilaalama.

### 4.4.6. Habalaka

Ergaa tokko karaa alkallatitiin yaada faalla sanaa taasisuun dubbachuu/barreessun dabarffachuudha. Jechabirootiin, yaadaa karaa falla ta'een dabarsuu jechuudha.

1: "…'gurbaa kun maal maal cime!'jedhee dadhabina isaa qeequun kolfaan mar'immaan cire." fuula 55.

2: "…adiin guuracha jechuun gowwomsuu yaalan."fuula 80.

Fakkeenya tokkoffaafi lammaffaa kanarraa wanti mul'atu, ergaan darbu kallattiin osoo hintaane faallaan dhiyaachuusaati. Fakkeenyi jalqabaa dadhabina isaa dhiisuun faallaa dadhabinaa isaa cimina kaasuudhaani. Fakkeenyi itti aanus, dhimma walgowwomsuuti. Kunis adiifi gurraachi faallaa walii ta'uu isaaniiti.

## 4.5. Fayyadama Mammaaksotaa

Mammaaksi ergaa alkallattiin dabarsuu osoo hintaane Sadoommii adda addaa fayyadamuun gara alkallattiin ergaa dabarsa. "Mammaaksi miliqsoon kan dubbatamuufi hiika dhoksaa kan of keessaa qabuudha.'' jechuun ibsu. Oromaoon waltajjii garaa garaa irratti mammaaksa mammaaka sababnisaas mammaaksi dubbii fidas dubbii fixas. Mammaaksi qareeyyii keessaa

tokko ta’ee bu’aa bayii jiruufi jireenyaa ilma namaa haala udumamaa ta’een kan ibsuudha. Fakkeenyaaf namoonni miira walii qabaneessuufi yookaan kakaasuuf, walceephawuuf, walgorsuuf, waljajjabeessuufi waantonni kana fakkaatan jireenya hawaasummaa keessatti raawwachuuf mammaaksa fayyadama. Jiruu hawaasa Oromoo keessatti mammaaksi ga’ee olaanaa qaba. Kunis haala keessatti mammaakameen ergaa dabarsuuf gahumsa olaanaa qaba. Asoosama Imala Jireenyaa jedhu keessatti mammaaksi barreessaan dhimma itti bahe hedduudha.

1:“Hidda malee xannachi hindhiigu…” fuula 59.

- Lammiin lammiif yoo walii yaade malee ormi ormuma alagaadha jechuu barbaadeeti.

2: “Hiriyyaan garaa wal-hin beekne malkaa guutetti walkakti...”fuula 70.

-Hiriyyaan garaa walhinbeekne harka ormaatti dabarsitee akka isheen nama laattuufi akka isheen nama gugurtu ibsa.

3: “…Wallaalaan waan beeku dubbata, beekaan waan dubbatu beeka.”fuula 101.

-Wallaalaan waanuma itti dhufeefi hammuma beeku yommuu dubbatu, Beekaan garuu itti yaadee xiinxaluun akka dubbatu ibsa.

5: “…’Qottoo dhabeen tokkoon hafe,’ jette baargamoon jedhan”fuula 38.

-Kana jechuun biliisummaa fiduudhaaf aarsaa kaffalamu hanga du’aatti ofwareegee lammii isaa biliisomsu waan hin jirreef cunqursaan itti fufa jechuudha.

Walumaa galattimala fayyadamni afaanii barreessaan gargaarame yemmuu ilaalamu irra caalaatti malleewwan dubbii keessaa: akkasaa, arbeessuu, nameessa, iddeessa, eemitii, iddeessaafi habalaka kan gargaarameedha. Akkasumas, itti fayyadamni jechoota: safuu, walfakkii, faallaa ni mul’atu. Jechamoonniifi mammaaksotas barreessichi fayyadameera. Kanas haala waldorgomsiisuun jechoota mimmiidhagoofi ciccimoo barreessaatiin kan dhihaataniidha. Kana keessatti akkaataa jechoonni himoota bifa mala dubbiitiin dhihaatan keessaatti jechoota seenaa barreeffamichaafi ergarratti kan xiyyeeffataniidha. Akkaataa barreessaan jechoota mala dubbii keessatti inni gargaarame yaadota biroon walfakkeessee dhiheessuun ergaa barbaadame galmaan gahuuf kan yaalameedha. Darbee darbee jechoonni mala dubbii kana uumuuf bareessaan

ittigargaaramu kan gadifageenyaan xiinxalliin bira gahamaniidha. Haaluma kanaan, kaayyoon qorannoo kanaa keessatti kan madaalamedha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Barreessaan tokko dubbistootaaf ho'aa jedhee ergaa isaa yemmuu gumaachu ergichi siriitti darbuufi dhiisuu isaa shoora guddaa kan taphatu afaani. Kanaaf, barreessaan barreeffama isaa dubbistoota harkaa akka fudhan yoo barbaade fayyadama afaanii irratti of xiyyeeffachuutu irra jira. Sababni isaa, afaan malee barreeffamni lubbuu hingodhatu. Kana irraa ka'uun, qorannoo kana keessatti qorattuun akka ilaaluu yaalteetti barreessaan Gasharee asoosama isaa 'Imala Jireenyaa'keessatti haala fayyadama afaanii inni gargaarame irratti hundaa'uun kan qaaccessiteedha.

Akka mata dureen kun mul'isutti barreessaan hojii isaa keessatti kanneen fayyadama afaanii qaiyyeewwan asoosamaa bal'inaan mul'atan irratti xiyyeeffachuuni. Barreffamni asoosama kanaa dubbistootaaf bu'aa gaarii kan buusu waan ta'eef, asoosamni jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ibsu dhugaa hawaasa tokkoo kan calaqqisu, rakkoofi quuqqaa jiru barreeffamaan mul'isuu danda'uudha. Ka'umsi qorannichaas, qorannaan baay'ee ogafaan Oromootiin yoo gaggeeffaman, ogbarruun barreeffamaa Oromoo garuu, xiyeeffannoo waan argate hinfakkaatu. Xiyyeeffannoon ogbarruu Oromootiif kennamu dhabuun ammoo, sirna barumsaa ogbarruu afaanichaatiif gumaachi inni taasisus xiyyeeffannaa dhabuu danda'a. Keessumaa akkaataan barreessaan tokko afaanitti fayyadamu sirna barumsaatiifis ta'e kitaabilee isa booda barreeffamaniif gumaacha qabaachuu danda'a. kanaafuu, akkan qorannoo kana gaggeessu kan na kakaases fayyadama afaannii kitaaba asoosama 'Imala Jireenyaa' jedhu keessatti dhihaate xiinxaluun gumaacha oliitti tuqaman taasisuu danda'a; itti dabalees yeroo baay'ee barreessitoonni asoosamoota garagaagaraa yemmuu kittaabota isaanii xiyyeeffannoo fayyadama afaanii irratti dhimma waan hin qabneef kun immoo xiyyeeffannoo dubbistootaafi barreessitootaa fayyadama afaaniirratti qaban gadi bu'uu waan danda'uuf qorattuun, kana ka'umsa godhachuun qorannoo ishee gaggeessite.

Kaayyoo qorannoo kana galmaan gahuufis mala qorannoo akkamtaa kan gargaarame yoo ta'u, sababni isaas, asoosama mataduree filatame kana keessatti fayyadama jechootaa, malleen dubbii, jechootafi yaadota barreessaan gargaarame sakatta'uun kan dhimma itti bahaameedha. Mala ibsaatti gargaaramuun odeeffannoon barbaachisoo ta'an immoo, madda ragaa tokkoffaa kallattiin barruu asoosama matadurichaa gadifageenyaan sakatta'uufi kitaabota biroo akka yaada

hayyootaatti dabaluun qorattuun ragaa fayyadamteedha. Fayyadamni afaanii asoosamicha keessatti mul’atan ibsa kennuun boqonnaa afur keessatti qaacceffamaniiru. Isaanis: malleen dubbiifi gosoota isaanii, jechamootaafi mammaaksota ibsaafi xiyyeeffannaa isaan kennaniin kan kaa’amaniidha.

Isaanis, yaadota waldorgomsiisuun dhaamsa dabarsuu irratti kan xiyyeeffatan, akkaataa jechoonni barreeffamicha keessatti galaniifi yaada isaan irratti xiyyeeffataniin ibsa kennuun kaa’aman.

Gama yaadotaafi filannoo jechootaa fayyadama afaanii asoosama qaacceffaman kana keessatti kan akka ciminaatti kan ilaalamuu danda’an jechoonni bakka barbaachisaatti galuun fayyadama afaanii isaa sirriiti kan hawasni Oromoo jiruufi jireenya isaanii keessatti ittifayyadaman ta’uu isaati. Akkasumas, haala yeroo isaa wajjin walqabachuun jechoota filatamoo barreessaan asoosama kanaa itti gargaarame baay’ee ciccimoofi sirriitti nama ibsuu danda’anitti gargaaramera. Karaa biraatiin, ilaalamuu danda’u asoosama kana keessatti jechoonni, mala dubbii tokko tokko dandeettii gadi fageenyaafi kallaattii adda addaatiin yaaduu waan gaafataniif ergaa isaa hubachuuf dirqama dandeettii ogbarruu barbaachisa. Kan akka dadhabinaatti ilaalaman ammoo, barreessichi darbee darbee sirna tuqaaleefi dogoggorri qubee mul’ateera.

Walumaagalatti, fayyadama afaanii asoosama Imala Jireenyaa keessatti mul’atu dubbistoota asoosamaas ta’ee barreessitoota asoosamaaf bu’aa guddaa waan buusuuf fuulleeffannoon fayyadama afaaniis ta’e hojiin barumsa afaaniif gumaacha isaan buusan guddaadha.

## 5.2. Argannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa fayyadama afaanii haala asoosama Imala Jireenyaa keessatti xiinxaluu yoo ta’u, qorattuun ragaawwan funaanuun gama adda addaan erga qaaccessitee booda argannoowwan armaan gadii keesseetti:

-Akkaataa barreeffama asoosama kanaatti barreessaan fayyadama afaanii garaagaraa kanneen akka malleen dubbii, jechamootaafi mammaaksotaa irra caalaatti yaada barreeffamichaa ifa godhanii ibsanitti fayyadameera.

-Qabiyyee asoosama ‘Imala Jireenyaa’ keessatti barreessaan jechootaafi yaadota inni gargaarame kan ergaa barreeffamichaa gama jireenya hawaasummaa irratti xiyyeeffatu waan ta’eef

dubbisaan asoosama kanaa jechoota barreessichi gargaarame gadifageenyaan akka xiinxalanii bira gahan godheera.

-Fayyadama jechootaa, malleen dubbii, jechamootaa, mammaaksonniifi yaadonni barreessaan gargaarame filannoo jechootaa barreessaan xiyyeeffannoon isaanii dhaamsa barreessaan dabarsuu barbaadeefi miidhagina barreeffamichaaf gumaata ta'uu isaanii bira gahameera.

## 5.3. Yaboo

Qaacceessa fayyadama Afaan Oromoo haala asoosama Imala Jireenyaa keessatti mul'atu sakatta'a dookimeentii gaggeeffame bu'uura godhachuun argannoowwan gurguddaan akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

-Qabiyyee asoosamaa fayyadama afaanii irratti gaggeeffamu barreessitootaafi dubbistoota barsiisuuf, muuxannoo jiruufi jieenyaa walii qooduuf fayyadamni afaanii asoosamichaa gahee olaanaa waan taphatuuf utuu dubbistoonnis ta'e barreessitoonni fayyadama afaanii irratti xiyyeeffatan gaariidha.

-Fayyadamni afaanii asoosama keessatti dandeettii dubbistootaafi barreessitootaa cimsuu akkasumas kitaaba barnootaa keessatti illee galuun baruu barsiisuuf akka oolu gochuudha.

-Barreessaan asoosamaa qubeessuufi sirna tuqaalee fayyadamuu irratti xiyyeeffannaa osoo kenne gaariidha.

-Jechootaafi yaadota walfakkaatan iddoo tokko tokkotti irra deddeebi'uu dhiisee haala adda addaan jijjiiree utuu dhiheessee caalaatti sammuu dubbistoota asoosamaa hawwachuu danda'a.

## ***Wabiilee***


*Addunyaa Barkeessaa .( 2014). Seemmo. Finfinnee: Far East Trading plc.*

*Addunyaa Barkeessaa.(2011). Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo. Finfinnee Adiyaamee Yoordaanos.*

*Asafaa Tafara. (2009). Eelaa. Seenaa Oguma Oromoo. Finfinnee: Far-East trading Press.*

*Ayub Ismael. (2008). Language use of the Jamaican and Rastofarian Community in Shashamene. A socio linguistic study.*

*Brumfit C.J fi Carter.(1996). Literature in Language Teaching. London: Oxford*

*Dastaa Dassaalany.(2013).Buu'ura Qorannoo.Maxxansa 2ffaa. Addis Ababa: Far east trading plc.*

*Fedhasaa Taaddasaa.(2013). Suubii. Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo. Mana maxxansaa:Suubii*

*Fishman, J. A. (1971). The Relationship between Micro- and Macro – Sociolinguistics in thestudy of who speaks what language to whom and when." In pride, J.Brork. Oxford University press.*

*Gasharee Abdiisaa.(2013). Imala Jireenyaa. Finfinnee.________.*

*Getaachoo Rabbirraa.(2011). Furtuu seerluga Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 gulaallii 3ffaa. Maxxansa 8ffaa Addis Ababa : kuraz international publishing enterprise.*

*Hudson, R.A. (1980). SocioLinguistics. Cambridge: Cambridge University Press.*

*Harcourt Brace and C.(1994). Harbrace Collage Hand Book (12th ed.)*

*Orlando:Florida James, H.( 1997). Pickering Literatures 5th Ed. London Oxford University Press. -John .E. Warrinner (1982). English grammar and composition (4th ). Orlando United state of*

*America.*

*Kennedy. X.J ( 1987). Literature . An introduction to fiction, poetry,and drama.Boston*

*languages in Tanzaniya: A case study of Ekinata. Bayreutn African studies.*

*Lyons, John,(1995), Linguistics and Semantics . combridge University presss stanstanford*

*Melakneh Mengistu.(1999). Fundamentals of literature. Addis Ababa: Branna Printing press.*

*Isuma.(2006). Fundamentals of literature. Addis Ababa: Adis Ababa University.*

*Melkaneh Mengistu (2010). Post Colonialism and Mainstream Anglophone African Novel. PhD.*

*Diss. USA: VDM Publishing House Ltd.*

*Meyer, M (1999). The bedford introduction to literature. New York University of connectivat.*

*Ph.D thesis. Department of University of Edinburgh.*

*MeyerR.E. ( 2008). Figures of speech. Astudy and oracticing guide. USA:teaching and learning*

*campany.*

*Mulugeetaa Warquu. (2013). Itti Fayyadama Afaanii Mana Murtii Aanaa Daandii Keessatti.*

*Addis Ababaa Qorannaa Digirii Lammaffaa (kan hinmaxxanfamne).*

*O'Grady,W. and Dobrovolsky,M.(1996). Contemporary Linguisics Analysis, an Introduction. 3rd*

*(ed.) Toronto:copp Clark LTD.*

*Ricoever .(1975). The Rule of Metaphor. United Kingdom:Tylor& Trancis group.*

*Shaw .H.( 1972). Dictionary of literature terms. Newyork:Mc Grawn Hill Book campany. Haruard*

*University Press.*

*Stockwell, P.( 2002). Sociolinguistics: A Resource book for Students. London and New*

*Wiirtuu, (1995) Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo, Finfinnee Biiroo Aadaafi Tuurizimii*

*Oromiyaa.*

*Wolff, E. (2000). "Language and Society". In Heine, B. and Nurse, D. (eds.) African Languages:*

*an Introduction. Cambridge University Press.*

# DABALEE

## Mala Dubbii Arbeessuu, Eemitii, Iddeessa

-Hundarraa imimmaan ija ishee maddaa  cabsatee yaa'e(fuula 70).

-ijisaa dhiiga uffate(fuula 69).

- Sagaleen ishee simbira mukarraa irraa raase(fuula 79).

-nyaadhee beela hinba'u dhugee dheebuu hinba'u(fuula 81).

-utuu ilaalanii loon isaanii dhaban(fuula 12).

-ija bakkalcha sanaan ilaalte(fuula 77).

-qalloo mudhii soonsaa lookoo morma taakkuu(fuula 81).

## Mammaaksotaa

-Utuu beeknuu huuba wajjin(fuula 61).

-iji gamnaa dura boossi(10).

-intalli garaa laaftu garaa duwwaa hinhaftu(84).

-warqeen harkattii qaban sibiila(fuula 91).

**Waraqaa Mirkaneeffannoo**

Ani qorattuun maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta’uu isaa ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta’uu isaafi yaadawwan qorannoo kana dubbise hunda isaanii wabii keessatti kaasuu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa Qorattuu**:-________________________________

Mallattoo__________

Guyyaa ___________

**Maqaa Gorsaa**:- _________________________________

Mallattoo _________

Guyyaa __________